# Sirna Barnootaa Ittiisaa fi To’annoo Dhukkuba Tiraakomaa Baratаa Giddugaleeffate Manneen Barnootaaf Qophaa’e





***Qajeelcha Barsiisaa***

Biiroo Barnoota Mootumma biyyooleessaa Naannoo Amaaraa

Bara 2008 Baahir Darr

Lions Clubs International FOUNDATION

AMHARA NATIONAL REGIONAL STATE
Health Bureau

THE CARTER CENTER

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


መልእክት........................................................................ iii

**1. Kutaa Tokko: Seensa Waliigalaa**........................................ 1

**1.1. Ka'umsa Dhibee Tiraakomaa**........................................ 1

1.2. **Kaayyoon Kitaaba Barnootichaa**........................................ 1

1.3. **Gurmaa'ina Kitaaba Barnootichaa**........................................ 2

1.4. **Ittifayyadama Kitaaba Barnooticha**........................................ 2

1.4.1. **Ittifayadama Qabiyyee Barnootaa Kutaa 2ffaa**........................................ 2

1.4.2. **Ittifayyadama Gumiiwwan Tiraakomaa Kutaa 3ffaa**........................................ 3

1.5. **Dhibee Tiraakomaa Ittisuuf Gahee Barattootaa**........................................ 3

1.6. **Dhibee Tiraakomaa Ittisuuf Gahee Barsiisaa**........................................ 3

2. **Kutaa Lama: Karoora Barnootaa**........................................ 5

2.1. **Karoora barnootaa kutaa 1ffaa**........................................ 5

2.1.1. **Qabiyyee1: Qulqullina**........................................ 5

2.1.2. **Sagantaa Barnoota 2: Titiisaa fi Kosii**........................................ 6

2.1.3. **Qabiyyee Barnoota 3ffaa: Harkaa fi Fuula Dhiqachuu**........................................ 8

2.1.4. Barnoota 4: Ittifayadama Mana Fincaalii........................................ 10

2.1.5. **Qabiyyee Barnootaa Shan: Itti fayyadama mana fincaanii seera qabeessa ta'e**........................................ 11

**2.2. Karroora Qabiyyee barnootaa kutaa 2ffaa:**........................................ 14

2.2.1. **Qabiyyee barnootaa tokko: Ijji kutaa qaama baay'ee barbaachisaa ta'eedha**........................................ 14

**2.2.2. Qabiyyee Barnootaa Lama: Dhukkuba Ijaa**........................................ 16

2.2.3. **Qabiyyee Barnoota sadii: Tiraakomaa**........................................ 18

**2.2.4. Qabiyyee Barnootaa Afur: Bakkeewwan Fayyaarratti Miidhaa Geessiisan Adda Baasuu**........................................ 20

2.2.5. **Qabiyyee barnootaa Shan: Wantoota Fayyaa Keenyaaf Fiilatamaa Ta'an**........................................ 23

2.3. **Karoora Barnootaa Kutaa 3ffaa**........................................ 25

2.3.1. **Qabiyyee Barnootaa 1: Jarmoonnii fi Haala Tamsaa'ina Isaanii**........................................ 25

**2.3.2. Qabiyyee Barnootaa 2: Tamsa'ina Dhukkuba Tiraakomaa**........................................ 27

**2.3.3. Kutaa Barnoota sadii: Fuulaa fi Harka Dhiqachuu**........................................ 29

**2.3.4. Kutaa Barnootaa 4: Mana Fincaanii Qopheessuufi Itti Fayyadamu**........................................ 32

**2.3.5. Qabiyyee barnoota 5ffaa: Qulqullinna Naannoo**........................................ 35

2.4. **Karoora Barnootaa Kutaa 4ffaa**........................................ 38

**2.4.1. Qabiyyee Barnoota Tokko: Mallattoo Tiraakomaa fi Ibsitoota Isaanii**........................................ 38

**2.4.2. Qabiiyyee Barnoota Lama: Waldhaansa Tiraakoomaa**........................................ 39

**2.4.3. Qabiyyee Barnoota Sadii: Unka Hordoffii Qulqullina Ofii Eeggachuu**.................................42
**3. Boqonnaa Sadii: Gumii Tiraakoomaa**.........................................................................................48
3.1. **Gumii Tiraakoomaa**........................................................................................................48
**3.1.1. Gochaalee Raawwatamuu Danda'an:**...........................................................................48
**3.1.2. Miseensa Gumii Tiraakomaa Ta'uu Isaanii**.................................................................51
**3.1.3. Gahee qabeesootaafi itti gaafatamuummaa isaani -**...................................................51

## መልእክት

ተማሪ ተኮር የትራኮማ መከላከልና መቆጣጠር ስርዓተ ትምህርት ዋና አላማ ከ1-4ኛ ክፍል ያሉ ተማሪዎችን የግልና የአካባቢ ንጽህና አጠባበቅ ተግባራት ላይ ንቁተሳታፊ እንዲሆኑ ማድረግ ነው። ይህም የትራኮማን ስርጭትና መስፋፋት በክልላችን ውስጥ እንዲቀንስ ያስችላል። ስርዓተ ትምህርቱ ተማሪወች በራሳቸው እንዲሁም በቤተሰቦቻቸውና በአካባቢያቸው ማህበረሰብ ውስጥ በድራማ፤ በጨዋታና በተረት ተረት ትራኮማን የመከላከልና የጤና ትምህርትን የማስፋፋት አቅማቸውን እንዲገነቡ ያስችላል። ልጆች በታናናሽ ወንድሞቻቸውና እህቶቻቸው እንዲሁም በማይማሩ ጓደኞቻቸው ላይ የጤና እውቀትና ባህሪን በተመለከተ በጎ ተጽኖ ያሳድራሉ ተብሎ ይታመናል። ስለሆነም ስርዓተ-ትምህርቱ ያሉንን ትምህርት ቤቶቻችን እና የምህበረሰቡን ተቋማት በመጠቀም ጤናማ የሆነ ባህሪይትንና ተግባራትን እንዲዳብሩ ያደርጋል። ይህ ስርዓተ ትምህርት እንደ አውሮፓዊያን አቆጣጠር በ2008 ዓ.ም የተዘጋጀውን የአንደኛ ደረጃ ትምህርት ቤቶች የጤና መርሀግብር የትራኮማ መከላከል ስርዓተ ትምህርት ተከትሎ የመጣ ሲሆን፤ መደበኛውን ስርዓተ ትምህርት ለመደገፍ የተዘጋጀ ነው።

የማስተማርያ መጽሐፉ የተዘጋጀው ፊትን በመታጠብ እና መጸዳጃ ቤትን በመጠቀም ላይ ትኩረት በመስጠት የአንደኛ ደረጃ ትምህርት ቤቶች መምህራንን እና ርዕሰ መምህራንን የትራኮማ መከላከል እና መቆጣጠር አቅማቸውን ለማጎልበት ነው፡፡ ያለጥርጥር በማስተማርያ መጽሐፉ ውስጥ የሚገኙትን ትምህርቶች በማስተማር ከአንደኛ እስከ አራተኛ ክፍል ባሉ ተማሪዎች እና በአካባቢው ማህበረሰብ ላይ ዘላቂ እና አወንታዊ የባህርይ ለውጥ ማምጣት ይቻላል፡፡ ይህ የባህሪ ለውጥ የማምጣት ተግባር የአማራ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ነዋሪዎችን ከአፍለኛ እና ለአይነስውርነት ከሚዳርግ ትራኮማ መከላከል ላይ ያለመ ነው፡፡ የመማርያ መጽሐፉ ትርኮማን በመከላከል ረገድ የመምህራንን እና የተማሪዎችን ሚና ያብራራል፡፡ ከሁሉም በላይ ይህ የማስተማርያ መጽሐፍ መምህራን ከትራኮማ ጋር ተያያዥነት ያላቸውን ትምህርቶች እንዴት ማቀድ እና ማስተማር እንዳለባቸው ያስረዳል፡፡

በዚህ የማስተማርያ መጽሐፍ ውስጥ የተካተቱት ክፍለ ትምህርቶች በአማራ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ውስጥ የሚስተዋለውን የትራኮማ ተጽዕኖ በቀጥታ ለመቋቋም እና ለማስወገድ ያስችላል፡፡ እንደ አውሮፓዊያን አቆጣጠር በ2006 ዓ.ም በሀገራችን የተደረገው የዳሰሳ ጥናት እንዳረጋገጠው የአማራ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ከየትኛውም የሀገሪቱ ክልሎች በበለጠ በትራኮማ ተጠቅቷል፡፡ በሀገራችን ውስጥ ግማሽ ያክሉን ለአይነስውርነት የሚዳርገው የአይን ሽፋሽፍት መቀልበስ (የአይነ ጸጉር ሙብቀል) ችግር የሚገኘው በክልላችን ነው፡፡ በዚህም ምክንያት የአማራ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ትራኮማን የዕድገት እንቅፋት እንደሆነ አድርጎ ይገነዘበዋል፡፡ በተጨማሪም የክልላችን ጤና ቢሮ ትራኮማን አንዱ የትኩረት ጉዳዩ አድርጎ ይዞታል፤ የክልላችን ትምህርት ቢሮም ይህንን አቋም ይጋራል። በትራኮማ ምክንያት የሚከሰትን ዓይነ ስውርነት ለመከላከል እና ለመቆጣጠር በጣም ተመራጩ ዘዴ ትራኮማን ራሱን መከላከል ነው፡፡ ትራኮማ በአብዛኛው የሚጀምረው በልጅነት ነው፡፡ በተደጋጋሚ በትራኮማ መጠቃት ለዝቅተኛ የማየት አቅም እና በሂደትም ለዓይነ ስውርነት ይዳረጋል፡፡ ንጽህናን መጠበቅ በትራኮማ ምክንያት የሚከሰትን ዓይነ ስውርነት ለመከላከል ዓይነተኛ መንገድ ነው፡፡

እጅግ ጠቃሚ እና ተማሪ ተኮር የሆነውን ይህንን የትራኮማ መከላከል እና መቆጣጠር ሥርዓተ ትምህርት ለማዘጋጀት እውቀታቸውን፣ ክህሎታቸውን እና ጊዜያቸውን ለሰውት ሁሉ ልባዊ ምስጋናዬን አቀርባለሁ፡፡ ከዚህ ጋር በተያያዘም ለክልላችን፣ ለዞን እና ለወረዳ ትምህርት ባለሙያዎች በተለይም ደግሞ ለሥርዓተ ትምህርት ክፍል እና ለካርተር ማዕከል - ኢትዮጵያ ልዩ ምስጋናዬን አቀርባለሁ፡፡

ወ/ሮ ሽብሬ ጆርጋ ተሰማ

የአብክመ ትምህርት ቢሮ ም/ቢሮ ኃላፊ

# 1. Kutaa Tokko: Seensa Waliigalaa

## 1.1. Ka'umsa Dhibee Tiraakomaa

Ka'umsa dhibee Tiraakomaa haala salphaatiin ittisuu kan dandeenyu jarmii ykn **Baakteeriyaa Kilaamediyaa Tiraakomaattis** kan jedhamuun kan dhufuufi kan daddarbu dhibee dhukkuba ijaati. Nama dhibee jarmii Tiraakomaa qabu tokko irraa gara nama fayyaa tokkotti daddarbuu kan danda'u karaa dhangala'aa funyaaniifi ija keessaa ba'uun, sababa waltutuquudhaan kan daddarbu dha. Dhukubichi kallattiidhaan wali tutuquudhaan, jechuunis taphaan, siree tokko irra waliin rafuun, akkasumas Titiisaan ykn uffata faalameen nama tokko irraa gara nama biraatti ni daraba.

Tiraakomaan addunyaa kana irraa dhukuboota dadarbaa qoricha qaroo ijaa jaamsan keessaa isa adda duree dha. Itophiyaa keessatti dhibeen Tiraakomaa sadarkaa ol-aadhaan tamsa'ee kan argamu naannoo Amaaraa keessatti dha. Haata'u malee dhibee kana ittisuun nidanada'ama. Dhaabbanni faayyaa Adunyaa ykn/WHO/ Tiraakomaa ittisuudhaaf toftaa SQQQ akka gargaaramuu qabnu gorsa. SQQQ'n yeroo ibsamuu/tarreeffamuu Baalleen ijaa gara keessaatti caba ykn daba, Yaalii baqaqisanii hodhuu ijaatiin **S**irreessuun dhukubicha irraa fayyuu, **Q**oricha fudhachuun, **Q**ulqullina fuulaa eeguun, mana fincaanii fayyadamuu fi **Q**ulqullina naannoo eeguudha. Tamsa'ina dhukubichaa Tiraakomaa xiqqeessuun ni danda'ama.

Barsiisonniifi barattoonni dhibee Tiraakomaa to'achuuf gahee ol-aanaa taphatu. Daa'imman mana barumsaa keessa jiran qulqullina fuula isaani akka eegan, mana fincaanitti akka fayyadamaniifi dhimma Tiraakomaa ilaalchisee wanta daree keessatti baratan maatii isaaniifis ta'e haawaasa naannoo isaaniif ergaa akka dabarsan jajjabeessuu qabna.

Kitaabni barnootaa kun akka Lakkoofsa Awuropaatti bara 2008 qophaa'ee kan ture barnoota fayyaa dhimma Tiraakomaa waliin walqabatee kitaaba ittiin barsiifamu bu'uura gochuun foyya'ee kan dhihaateedha. Kitaabni ittiin barsiifamu kun yeroo foyya'u qabiyyee barnootaa of keessatti hammatee salphaatti sirna barnootaa sadrkaa 1$^{ffaa}$ waliin qindaa'ee haala barsiifamuu qabuniidha.

## 1.2. Kaayyoon Kitaaba Barnootichaa

**Kaayyoon kitaaba kanaa**

- Barsiisoonni sadarkaa tokooffaa waa'ee qulqullina dhunfaafi naannoo barattoota isaanii akka barsiisaniif, beekumsaafi dandeetti akka horatan taasisuufidha.
- Kitaabni barnootaa kun bifa adda ta'een fuula dhiqachuuf, qulqullina dhuunfaa eeguufi ittifayyadama mana fincaanii irratti xiyyeeffannoo kenna.
- Gochaawwan kunniin barattootaafi hawaasa naannoo qaroo dhabeeyyummaatiif kan saaxilu dhukkuba Tiraakomaa akka ofiirraa ittisnufidha.

- Kaayyoon waligalaa sirna barnoota kanaa haala baruufi barsiisuu hirmaachisaa ta'eetti fayyadamuun jijjirma amalaa dhaabbataa, qabatamaa, fudhatamaafi ariifachisaa ta'e galmeessisuu danda'u dha.

**<u>Kitaabni barnootaa kun kaayyoowwan armaan gaditti tarreefaman qaba.</u>**

1. Rakkoo dhukuba Tiraakomaa, haala ittiin dadarbu, ittisaa fi yaalii isaa ilaalchisee hubannoo fi beekumsa barsiisonni qaban guddisuudha.
2. Barsiisoonni amaleefannoo qulqullina dhunfaafi naannoo akka qabaatan gargaaruun barattootaafi hawaasni naannoo dhukkuba Tiraakomaa to'achuufi ittisuu irratti fakkeenya akka ta'an taasisuudha.
3. Barattoonni dhibee Tiraakomaa ittisuufi to'achuuf akka amaleeffatan taasisuuf barsiisotaaf hubannoo kenna.
4. Barsiisonni, barattoonni isaanii maatiidhaaf, hawaasa naannoof karaa ittiin fakeenya ta'uu danada'an agarsiisuufi jajjabeessuu akka danda'an gochuudha.

## 1.3. Gurmaa'ina Kitaaba Barnootichaa

**Kitaabni barnootaa kun kutaawwan gurguddoo sadiitti kan gurmaa'e dha:**

**Kutaa1**: Waa'ee qophii kitaaba barnootichaa ni hubachiisa; kunis dhibee tiraakomaa ittisuu irratti gahee barattootaa, mala barsiisuufi yaada ka'umsaa kan of keessatti qabate dha.

**Kutaa2:** Barsiisonni sirna barnootaa idilee wliin qindeessuun daree barnoota hundaa gidduugaleessa godhachuun karoora barnootaa qophaa'e dha.

**Kutaa3**: Karaa gumii Tiraakomaatin dhibaa'ummaa dhukuba Tiraakomaafi dhimmoota walfakkaataa karaa gara hawaasaatti ittiin tamsa'an yaada gadii fageenyaa qaban of keessatti qabata.

## 1.4. Ittifayyadama Kitaaba Barnooticha

### 1.4.1. Ittifayadama Qabiyyee Barnootaa Kutaa 2ffaa

Kutaa 2ffaan Kitaaba barnootaa kana barattoota kutaa 1ffaa hanag kutaa 4ffaa jiran barsiisuuf kan dandeessisu karoora barnootaa qabate dha. Tokkoon tokkoon karoora barnootichaa daqiiqaa 40 kan uwwisu ta'e, sirna barnoota idilee irraa qabiyyeewwan barnootaa muraasa waliin qindeessuun haala ittiin barsiifamuuf kan qophaa'e dha.

- ✓ Kitaabni barnootaa kun of danda'ee ykn sirna barnootaa idilee waliin barsiisuun ni danda'ama.
- ✓ Kitaaba barnootaa kana keessatti qabiyyeen barnootaa sirna barnoota idilee waliin akkamiin akka qindaa'uun danda'amu kallattiin kaa'ameera.

### 1.4.2. Ittifayyadama Gumiiwwan Tiraakomaa Kutaa 3ffaa

Kitaaba barnootaa kutaa 3ffaa keessatti haala gurmaa'ina gumii Tiraakomaa akkasumas miseensa gumichaafi gochaawwan hojjetamuu qaban yaada waliin dhihaataniiru. Ragaalee kanneen fayyadamuun barsiisonni gumii Tiraakomaa haaraa ykn gumiiwwan fayyaa waliin nihundeessu ykn kanneen dura turan ni jajjabeessu. Haala kanaan barattoonni barnoota waa'ee qulqullina dhunfaafi naannoo daree barnootaatti baratan kanneen biroof ni geessisu.

## 1.5. Dhibee Tiraakomaa Ittisuuf Gahee Barattootaa

Sirni barnootaa dhibee Tiraakomaa ittisuufi to'achuu irratti xiyyeefate kun "Daa'imman Daa'immaniif tokko tokkoon" jedhamuun kan beekmu mala barnootaa fayyaa bu'ura kan godhate dha.

Malli dhiheessa barnootaa kun yaada barnoota fayyaafi gochaalee biroo, maatii barattootaafi hawaasa nannootti geessissuuf dandeetti cimaa qabu jedhamee amanama. Barattoonni barnoota fayyaa ilaalchisee daree barnootaatti baratan babal'isuuf shoora ol-aanaa taphatu. Dhibee Tiraakomaa waliin walqabatee odeeffannoo fayyaa kanneen armaan gadii of keessatti qabata.

a) Barattoonni dhimmoota barnoota fayyaa waliin walqabatan mana barumsaa keessatti baratan daa'imman biroof, maatii isaaniif akkasumas haawasa naannoo isaaniif ni dabarsu
b) Barattoonni gochaawwan qulqullina dhunfaafi naannoo isaanii eeguufi dalaguun kanneen biroof keessattuu daa'imman umrii isaanii gadi jiraniif fakeenya ta'u
c) Barattoonni gochaalee kan akka ijaarsa mana fincaanii ijaaramu keessa hirmaachuun gocha qulqullina dhunfaafi naannoo foyyeessu , akkasumas hirmaannaa kana keessatti yaadoota dhiimma barnootaa irratti waliirraa baratu
d) Barattoonni rakkoo qulqullina dhunfaafi naannoo akkasumasa qulqullina waliinii adda baasuun karoora rakkoowwan kana hiikuuf kan dandeessisu niwixineessu. Karoora qophaa'ee hojiirra olchuun gochaawwan furmaataaf ta'u qaban raawwachuu danda'u.

## 1.6. Dhibee Tiraakomaa Ittisuuf Gahee Barsiisaa

Barnoota fayyaa babal'isuun dhibee tiraakomaa ittisuuf gaheen barsiisotaa akka armaan gadiiti ibsamedha.

1. Qulqullina ofii fi naannoo isaanii eeguun barattootaafi hawaasa naannoof fakeenya ta'u
2. Qulqullina dhunfaafi naannoo ilaalchisee hubannoo barattootaa guddisu, hojiira olmaasaatiis ni hordofu
3 Barsiifata barattootaa qulqullina dhunfaafi naannoo eeguu irratti barsiifata qaban guyyaa guyyaan madaaluun deeggarsa barbaachisaa ta'e nigodhu; kanaanis, haalawwan jiran mijeessuuf carraa uumu.

4 Ittisa dhibee Tiraakomaa barattoota gidduugaleessa godhate ilaalchisee tattaaffii manneen barnootaa(Fkn Gumii Tiraakomaa) fi hawaasa naannoo (Fkn ogesoota fayyaafi hojjettoota deegarsaa tolaan kennan) ni hordofu nijajjabeessu.

# 2. Kutaa Lama: Karoora Barnootaa

## 2.1. Karoora barnootaa kutaa 1ffaa

Barattoonni barnoota isaanii kutaa 1ffaa qulqullina dhunfaafi naannoo akka barataniifi hubatan ni'eegama. Kunis barnoota daree keessatti baratan daree barnootaa alattis akka raawwatan isaan jajjabeessa.

### 2.1.1. Qabiyyee1: Qulqullina

**Kaayyoo Barnootaa**: - Barnoota kanaan booda barattoonni

1. Barattoonni, daree barnootaa isaanii keessa jiran ykn fakkiiwwan ilaaluun kanneen qulqullina isaanii eeggatan addaan baasuu danda'u, dabalataanis baratoota qulqullina isaanii hineeggannees adda baasu.
2. Qaamoota nafa isaanii kan qulqulluufi qulqulluu hintaane addaan baasu
3. Hanga danda'ameetti qulqullina dhunfaa isaanii ni'eegu

**Yeroo kenname 40'**

**Miidiyaan Barnootaa:** Barnoota kana barsiisuuf meshaaleen deegarsa barnootaa kanneen armaan gadii nibarbaachisu

1. Gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa mul'isu
2. Fullee Ijaa
3. Bishaan: Mana barumsaa keessa yoo jiraachuu baate barattoonni tokkoon tokkoon isaanii mana isaaniiti qabatanii akka dhufan godhamu qaba

**Barnoota kana Barnoota Idilee waliin qindeessanii Kennuuf Kallattii Agarsiisu:**

Qabiyyee barnoota kanaa gosa barnoota sirna barnoota idilee armaan gadiitti tarreeffaman waliin qindeeffame barsiisuun nidanda'ama.

1. Kitaaba barattootaa saayinsii kutaa 1ffaa "qaamoota keenya alaaf of eeggannoo gochuu" kan jedhu jira
2. Kitaaba Ingiliffaa kutaa 1ffaa kan barataa mata duree "qaamota nafa keenyaa" kan jedhu jira. Sagantaa kanatti 'Barattoota qulqullina qaamoota nafa keenyaa eeguuf maal gochuu nurraa eegamaa? jettanii gaafachuu dandeessu.

**Tartiiba: Qabiyyeen barnoota kun raawwii sadii of keessaa qaba**

**Gocha 1:** Fakkiiwwaniitti fayyadamuun fuula qulqulluufi qulqulluu hintaane addaan baasu (yeroon kenname: 5')

- Fakkii, gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa irraa fuula qulqulluu fi qulqulluu hin taane mul'isuu barattootatti agarsiisaa.
- Fakkii gabatee irraa jiru fuula barattoottaa isa kamtu qulqulluu akka ta'eefi fuula barattootaa kamtu qulqulluu akka hintaanee barattoota gaafadhaa. Keessattuu qaamota nafa barattootaa keessaa isa kamtu qulqulluudha? Kamtu qulqulluu miti?
- Barattoonni dabaree dabareedhaan harka isaanii baasuun akka deebii kennan taasisaa. Sagantaa kanatti barattoonni ibsa qulqullummaa nama tokko kan ta'an tarreessuu isaanii mirkaneessaa. Kunis fuula qulqulluu, ija qulqulluu, funyaan qulqulluufi kkf….
- Barattoonni bishaan mana isaaniiti fidaniin harkaafi fuula isaanii ( keessattuu ijaafi funyaan isaanii) akka dhiqatan itti agarsiisaa

**Gocha 2:** Barattoonni qulqulluu kan ta'eefi qulqulluu kan hintaane jedhanii akka of madaalan taasisaa (15')

- Gabatee armaan gadiitti fayyadamuun barattoonni akka ofmadaalan tasisaa (Gabateen kun gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa fuula 2 irratti argama).
- Baratichi/ttuun '**eyyee**' yoojette harka isaa/ishee akka olkaasuu/ftu taasisaa. Fuulli koo ykn iji koo qulqulluu "**miti"** yoo jedhan dhuma wayitii barnootaatti daree barnootaatii bahanii akka dhiqatan taasisaa. Lakkoosi barattootaa qulqullina isaanii hin eegganne kan heddumaatan yoo ta'e hunda baasuun akka dhiqatan taasisuuf yeroon waan hin geenyeef barattoota 3-5 ta'an qofaaf carraa kennuun kanneen biroo mana isaaniitti akka dhiqatan hojii manaa kennaa.

| Lakk. | Qabxiiwwan ittiin madaalan | Qulqulluudhaa?Eyyee/Miti jechuun guutama Yoo qulqulluu hin taanee deemaatii dhiqadhaa |
|---|---|---|
| 1 | Fuulli qulqulluu dhaa? | |
| 2 | Ijji qulqulluu dhaa? | |
| 3 | Funyaan qulqulluu dhaa? | |
| 4 | Rifeensi qulqulluu dhaa? | |
| 5 | Uffanni qulqulluu dhaa? | |
| 6 | Harki qulqulluu dhaa? | |
| 7 | Miilli qulqulluu dhaa? | |

- Barattoonni qulqulluu ta'uufi ta'u dhabu isaanii fullee ijaa mana barumsichaa keessa jiru akka itti fayyadaman ykn tokko tokkoon isaanii akka wal ilaalanii walii mirkaneessan taasisaa.

**Gocha 3: Itti aansuun kan raawwatamuu qabu irratti maria'achuu (20')**

- Madaallii dhunfaa haala gabateen erga raawwatanii booda / Gocha2/ barattoonni gara fulduraatti maal gochuu akka qaban ( keessattuu kanneen qulqullina isaanii hin eegine) gaafadhaa,
- Barattoonnii faaydaa qulqulluu ta'uu akka hubataniifi dhiqachuun raawwii guyyaa guyyaanii ganamaafi galgalaa akka taasisan gaaffiiwwan armaan gadii gaafadhaa.
  - Qulqulluu ta'uun maaliif barbaachisaa?
  - Qulqulluu ta'uu dhabuun midhaa maalfaa fidaa?
  - Yeroo hunda qulqulluu ta'u keessan mirkaneessuuf gara fuulduraatti maal gochuu qabduu?
  - Raawwiin madaalli qulqullummaa manabarumsichaa yeroo hundaa akka gaggeeffamu taasisa.

**Calaqqee**

Yeroo hunda qaama keessan qulqulluu taasisuuf gocha maal maalfaa raawwattuu? Maaliifii?

**Faaruu 1:** Yeedalloo ofii keessanii baasuun faarfannaa armaan gadii barattootaaf faarfadhaa!

Qulqulluu ta'uu nanbarbaadaa

Harkaaf fuula koo nandhiqadhaa

Gurraaf funyaan koo nan qulqulleessaa

Qaama koo qulqulluu qulqulluu… nan taasisaa (X2)

### 2.1.2. Sagantaa Barnoota 2: Titiisaa fi Kosii

**Kaayyoo Barnootaa**: Barnoota Kanaan Booda barattoonni

- Waliitti dhufeenya titiisaafi kosii ni ibsu

**Yeroo kenname: (40')**

**Meeshaa deegagrsa barnootaaf barbaachisan:**

- Gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa mul'isu

- **Barnoota kana barnoota idilee waliin qindeessanii kennuuf kallattii agarsiisu:** Qabiyyee barnootaa kana gosa barnootaa idilee armaan gadiitti tarreeffaman waliin walqabsiifamee barsiisuun nidanda'ama.
  - Kitaaba barattootaa saayinsii naannoo kutaa 1ffaa **irratti "qaamoota keenya alaafi qaamoota keenya alaaf ofeegganoo gochuu"** kan jedhu jira
  - Kitaaba Ingiliffaa barattootaa kutaa 1ffaa irratti matadureen **"qaamoota nafa keenyaa "** jedhu jira.
  - Yeroo barnoota kanaatti barattota qaamoota nafa keenyaa qulqulluu gochuuf maal gochuu qabnaa? jettanii gaafachuu dandeessu.

**Tartiibnia qabiyyee barnootaa kun gochaawwan gurguddoo lama qaba**

**Gocha 1: Barattootaaf oduu durii himuu (20'**)

- Barsiisa! Mamaaksa Gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa fuula 3 irra kan jiru barattootatti himaa

**Kanniisaafi Titiisa**

Seenaa yeroo durii raawwatamedha. Guyyottan keessaa gaaf tokko Kanniftuu kan jedhamtu kanniifni tokko Titiisni yeroo ija mucaa tokko irratti naannoftu argite.

- **Kanniifnis:** Titiisaan "**maal gochaa jirtaa**"? jettee gaafatte.
- **Titiisinis:** harka ishee afaan ishee irraa qabdee asaasaa, "callisii! mucaan akka isin dhageenye fuula isaa irra naana'aan jira" inni garuu akkan isaaf sirbaa jiru akkasumas taphas kan itti himu itti fakkaateera …..! callisii Callisii ! … usssss jedhi akka hin dhgeenye jette !
- **Kanniifins:** ija ajaa'ibaan ilaalaa "maal gochaa jirtaa?" jette titiisaan gaafatte
- **Titiisnis**: Nyaata koo barbaadachaan jira bakki nyaatakoo itti barbaaddadhu bakki gaariin eessaa? jette yoo nagaafattee immoo bakka fuula xuraawaa mucaa akkasii irrattidha jette. Nyaata kosii haala salphaan fuula mucaa, funyaanifi ija xurawaa irraa nanargadha jette!
- **Kanniifnis:** titiisaan kun mucaa kana hin miidhuuree? jettee gaafatte
- **Titiisnis:** akkas jettee deebifte,yeroo muraasaan booda mucaan dhukubsachuu danda'a, maal nadhiberee inni fuula isaa hinqulqulleessu turee? Ani jiraachuuf nyaata argachuun qaba! ta'u baannaan nan du'a kanaaf fuulaafi ija xurawaan barbaada jette!!
- **Kanniifinni:** gocha Titiisaatti baayyee aarte. Akkas jette yaadde 'Namoota biroof yaaduun gaarummaa dha. Kanaaf, mucaan kun titiisa irraa akka of eegu dhaqee itti himuu/damaqsuu qaba jettee gara mucaatti deemte. Mucaa bira geessee akkas jettee gorsite "**Titiisni akka sibira hin geenye yeroo hunda of qulqulleessi"**. "**Qulqullummaa kee eeguun titiisa of irraa fageessu yoodhifte dhukubsachuu dandeessa"** baayyee simiidhuu hin barbaaduu, garuu yeroo hunda akka of qulqulleesitu siyaadachiisuuf sinidda **/sinqimiida** /"

Yeroo sanaatii eegalee kannifinni hiriyoota ishee waliin gammachuun jiraachuu eegalete. Namoommi dhiqachuudhaan titiisa irraa akka of eegan gochuun dhukuba irraa bilisa akka ta'aan yaadachiisuuf qimiiduu/iddu/ eegalte. Wanta gaarii ta'uu dhabus kanniifni ijoolleen fuula isaani

dhiqachuun titiisa akkk ofiirraa ittisan yaadachiisuuf ijoollee fuula isaanii hin dhiqatiin hafan qiimiiduu/iddu eegalte.

Gaaffiiwwan armaan gadiitti jiran barattoota gaafachuun barattoonni hubachuu isaanii mirkaneessaa

- Titiifinni maaliif ija mucaa irra marsite?
- Titiifinni fuula mucaa irraa yammu marsitu maaltu uumamuu danda'a?
- Kannifinni mucaan titiisa akka of irraa fageessu maal jettee gorsitee?

**Gocha 2: Marii 20'**

Gaaffiiwwan armaan oliitti dhiyaatan bu'ureefachuun marii daree keessaa taasisuun deebiin armaan gadiitti dhiyaataniifi deebii barattootaan deebifaman akka wal simu taasisaa

- Titiifinni bakka xuraawaa jaallatu, titiifinni dhukubaaf nusaaxilu, fuulli qulqulluun titiisa of irraa fageessaa nuniis fayyaa nutaasisa
- Barattoota gidduuti titiifinni fuula isaa /ishee irra yoo jiraatte gaafadhaa, barattoonni titiifinni fuula isaanii irra kan jiru addaan baasuu danda'u. barattoonni hangi tokko titiisa irraa akkamiin akka bilisa of gochuu danda'an gorsa haagumaachan
- Barattoonni titiifinni isaan irra marasan yoo jiraatan bakka bishaan jiru dhaquun yeroo sagantaan barnootaa raawwatu fuulaafi harka isaani haa dhiqatan.
- Manni barnootaa yoo bishaan hin qabaannee guyyaa itti aanutti akka dhiqatanii dhufan hojii manaa haakennamuuf. Dabalataan guyyaa itti aanutti barattoonni yeroo dhufan bishaan litira tokko fidatanii akka dhufan hojii manaa kennaafii.

**Calaqqee**

Barsiisa ! Gaaffiiwwan itti aanan barattoota gaafadhaa

- Titiisni qubachuu kan jaallattu maal irra dha? maaliif?
- Fuula keessan irra titiisni yoo teesse maal jechuudhaa? Maalgochuutu isin irraa eegama?

Faaruu qabiyyee barnootaa tokko irratti barattoonni dedeebisanii akka faarfatan taasisaa!

Qulqulluu ta'uu nanbarbaadaa

Harkaaf fuula koo nandhiqadhaa

Gurraaf funyaan koo nanqulqulleessaa

Qaaqma koo qulqulluu qulqulluu… nantaasisaa

Qulqulluu ta'u nanbarbaadaa (2x)

### 2.1.3. Qabiyyee Barnoota 3ffaa: Harkaa fi Fuula Dhiqachuu

**Kaayyoon Barnootichaa:** Barattoonni barumsa kanaan booda

- harkafi fuulaa dhiqachuu irratti muuxannoo gahaa ta'e nihoratu

**Yeroon kenname** 40'

**Miidiyaan Barnootaa**

1. Bishaan, barattoonni mana barnoota keessa bishaan yoo hinjiru ta'e illee yoo xiqqaate bishaan liitira walakkaa laastikaan akka fidan taasisu; yoo bishaan dhabame fakkeessuun akka baratan taasissuu.

2. Wantoota dhiqannaaf barbaachisan kanneen akka saamunaa , daaraa, andoodeefi kkf , naannoo isaanniitti argaman hunda itti fayyadamuu danda’u
3. Gabatee fakkii sagantaa dhibee Tiraakomaa mana barumsichaa mul’isu

- **Qabiyyee kana barumsa idilee waliin qindeessanii kennuuf kallattii agarsiisuu:** Qabiyyee barnootaa kanatti aanee kan tarreeffame sirna barnootaa idilee waliin waliitti qindeessuun barreessuun ni danda’ama.

Barnoota saayinsii naannoo kutaa 1ffaa boqonnaa sadii irratti mata duree harka ofii qulqulluu taasissuu jedhutu jara.

**Duraa Duuba**

**Gocha 1: Harkaaf fuula dhiqachuu haala diraamaatiin agarsiisuu (10’)**

Barattoota kutaa keessaa baasuun bishaan ujummoo keessaa yaa’u bakka argamutti geesssaa! Mana barumsichaatti yoo bishaan ujummoo hinjiru taanaan barattoonni bishaan mana isaanitii fidan kutaa keessaa akka qabatani bahan taasisaa! (Fakkii fuula 4 - 5 irra jiran gargaaramuudhaan haala diraamaatiin fuulaaf harka haala itti dhiqatan agarsiisaa.

**Yeroo dhiqattan muxannoo armaan gadiitti fayyadamaa**

1. Haraka keessan bishaaniin jijjiisaa
2. Harka keessan karaa hundumaanuu saamunaa dibaa
3. Harka keessan sakandii 20’f (yeroo digdama lakkaa’udhaan) tartiiba armaan gadiitti taa’een sirriitti sukumaa,
   A. Barruu harkaa sirriitti sukumuu
   B. Haraka ittiin hin nyaanneen barruu deddeebisani sukkumuu
   C. Quba keessan walkeessa dabarsuudhaan sirriitti sukkumuu
   D. Quba isa tokko isa tokko keessa dabarsuudhaan barruufi duuba isaa haala gaariin sukkumuu
   E. Fixee quba isa tokko harka isa biroon haala gaariin sukkumuu
4 Bishaan sirriitti dabaludhaan hanaga saamunaan irraa gadhiisutti dhiqadhaa
5 Fuula keessan dhiqachuu yoo barbaachisee wanta biroo utuu hintuqiin dura harka keessan qeelleessaan gogsaa, fuula keessan kan dhiqattan yoo ta’e tartiiba armaan gadii hordofaa
   a. Dhangala’aa ijaaf funyaan keessaafi jalatti argaman saamunaa fayyadamudhaan harka keessaniin qulqulleessaa ,
   b. Bishaaniin fayyadamuun haala gaariitiin harka fi fuula dhiqachuu
   c. Harka keessan qilleensaan gogsuu

**Gocha 2: dhiqannaa harkaafi fuulaa shaakaluu (30’)**

Barattoota lama lamaan walqbsiisaa!!

Barataan isa tokko fulaafi harka yeroo dhiqatu/ttu inni tokko ni’ilaala; haala gaariidhan dhiqachuufi dhiqachuu dhabuu haahordofu! inni dhiqatuu isa hindhiqanneef yaada haakennu! yaada kennamus sirriitti hojiirra olchuufi kan hinolchine akkasumas kan sirraa’uu qabu sirriitti ilaalu qaba.

Barattoonni hundi harkaafi fuula dhiqatanii yeroo raawwatan gocha raawwatan irratti haa mari’atan! Gaaffiiwwan itti aanuutti fayyadamuun barattoota gidduutti mariin haataasifamu.

- Gocha kana yeroo raawwatan maaltu isaaniitti dhagahamee?
- Yeroo shaakalliin raawwatan rakkoon isaan mudate maalii?
- Rakkoowwan kana hiikuuf maal gochuu qabu?

- ✓ Ragaa kana maatii isaaniif akka qoodan yaadachiisaa,quxusuu isaanii yeroo hunda ganamaaf galgala sirriitti fuulaaf harka isaanii akka dhiqatan haagargaaran. Haala kanaan maatii isaaniif fakeenya akka ta'u qaban yadachiisaa.
- ✓ Itti aansuun qabxiiwwan qulqullummaaf dhiyaatan irra deebi'uudhaan sagantaa barnootaa raawadhaa. Jalqaba jecha gabatee gurraacha irratti barreessaaf; sanaan booda deddeebisanii haa dubbatan.

**Yeroo barbaachisaa ta'e argameetti harka koo yeroo hunda haalaan nandhiqadha!!**
**Yeroo hunda fuula koo ganamaafi galgalaa sirriitti nandhiqadha!!**

**Calaqqee:** Gaaffiiwwan itti aanan barattoot gaafadhaa

- ➢ Harkaaf fuula koo dhiqachuu kan qabnu yoomi? Maaliif?

### 2.1.4. Barnoota 4: Ittifayadama Mana Fincaalii

**Kaayyoo Barumsichaa:** barattoonni barnoota kanaan booda:

- ➢ Itti fayyadama mana fincaanii nibaru

Yeroon kenname: 40'

**Miidiyaan Barnootaa:**

- Mana fincaanii mana barumsichaa: Mana barumsaa mana fincaanii qulqulluufi sirrii ta'e hinqabaanneetti barnoota kana barsiisuun sirrii hin ta'u.

**Qabiyyee kana barumsa idilee waliin qindeessanii kennuuf kallattii agarsiisuu:** Qabiyyee barnootaa kanatti aanee kan tarreeffame sirna barnootaa idilee waliin waliitti qindeessuun barreessuun nidanda'ama.

Barnoota saayinsii naannoo kutaa 1ffaa boqonnaa sadii irratti mata duree "mana barumsaa keenya" jedhamee ibsame keessattti mata duree "itti fayyadama mana fincaanii" jedhu nijara. Kanaaf, qabiyyee kana sirna barnootaa idilee dhiyaate waliitti qindeessuun barsiifamuun nidanda'ama.

**Tartiiba:** Qabiyyeen barnoota kanaa gochaa 2 qaba

**Gocha1:** Itti fayyadama mana fincaanii diraamaatiin agarsiisuun ibsa gochuu (10')

- ➢ Barsiisaa! Barattoota daree barnootaa keessaa baasaatii gara mana fincaaniitti geessaa! Barsiisaa maaloo, shaakallii itti fayyadama mana fincaanii Suurrii/Dalgoo keessan utuu hin baasiin tartiiba armaan gadiin barattootattii agarsiisaa
  1. Gara mana fincaanii seenuu
  2. Manni fincaanii qadaada/cuqqaalla yoo qabaate kaasuu
  3. Uraa mana fincaanii sirrii ta'een fincaan fincaa'uu ilaalchisee haala diraamaan itti agarsiisuu
  4. Qaama ittiin qulqullaa'an waraqaa mana fincaaniin ykn bishaaniin akkaataa itti dhiqatamu haala diraamaatiin barattootattti agarsiisuu
  5. Waraqaa ittiin qulqullaa'ame bakka xuraa'an itti gatamutti gatuu
  6. Manni fincaannii mana barumsichaa yeroo xuraawu garee qulqullinni isaa to'atu dhaabbachuu isaa mirkaneessuu
  7. Manni fincaanii akka hin ajoofnee daaraan isaaf qophaa'e yoo jiraate itti naquu
  8. Mana fincaanicha qadaada/cuqqaalla isaatiin qadaaduu
  9. Haraka keessan haala qabiyyee barnootaa 3 irratti ibsameen sirriitti dhiqadhaa.

Barsiisaa! Daawwii kanatti aanuun baratаan/barattuun tookko filadhaatii dalgoo/surrii isaa utuu hin baasiin haala itti fayyadama mana fincaanii ilaalchisee ibsa akka godhu taasisaa! Daawwii agarsiifame kana irratti barattoonni yaada akka ittilaatan taasisa. Baratichi/barattuun isa kamtu sirriitti akka agrsiise/agarsiifte, maal akka dogoggore/te, haala kamiin dandeettii itti fayyadama mana fincaanii foyyeessuu akka qaban barattoonni akka irratti mari'atan taasisaa!

**Gocha 2**: **Karaalee seera qabeessaa itti fayyadama mana fincaanii shaakaluu (30')**

- Barattoota cimdii cimdii (barattoota dhiiraa waliiniifi akkasumas barattoota dubaraas waliin) waliitti qindeessi baraataan/ttuun tokko osoo uffata (huccuu) isaa/ ishee hin baasiin daawwii haala itti fayyadama mana fincaanii baratаan /ttuun biroo immoo haala seera qabeesaan fayyadamu isaa /ishee haa hordofu /ttu. Sana booda deebii haa kennu /ittu. Haaluma kanan hiriyyooni isaani wantoota sirriitti raawwataniifi kan sirraa'u qaban itti himuun akka irraa eegamu yaadaachisaa. Do'icha agarsiisuuf barattoota dabaree eegaa jiraniif agarsiisaanii kan xumuran kanneen brattoota shaakalaa jiran akka ilaalan taasisaa; gocha kun yeroo raawwatu barattoota isin deegaru danda'an dubaraa tokkoofi dhira tokko filadhaa.
- Yeroo gahaa yoo qabaattannii dhimmonni siraa'u qaban yoo jiratan akka sirreessuu carraa lammaffaa barattootaaf kennaa. Kun ta'u baannaan garu mana isaaniitti haa shaakalan.
- Barataan tokkoon tokkon yoo xiqaate si'a tokko erga shaakaala booda immoo waan shaakalan akka ibsan yeroo kennaaf. Gaafilee armaan gadii fayyadamun barattoota waliin marii taasiisi. Adeemsi shaakalichaa isiniif mijaa'eeraa? Maalif? Yoo ta'uu baatees maaliif? Yeroo hundaa finca'uu ykn qulqullaa'u yoo barbaadde mana fincaaniitti fayyadamuun salphaadhaa? Maaliif? Yoo ta'uu baatees maaliif?
- Akkuma mana barumsaatti mana issanniittiis itti fayyadama mana fincaanii seera qabeesa hojiirra olchaii fakeenya ta'uun akka isaniirraa eegamu yadaachisan.
- Itti aansuun qabxilee qulqullinarratti dhiyaatan irra deebi'un barannooticha guddunfaa. Dursa himoota gabatee gurraacha irratti barreesaaf; Sana booda barattoonni akka irra deebi'anii dubbatan taasisi.
- Mana fincaanii sirriittiin fayyadama.
- Maatiin kiyyaa mana fincaanii sirriitti akka fayyadaman nanbarsiisaa.

**Calaqqee**

Baratoota gaafii armaan gadii gaafadhaa. Yeroo hunda fincaan fincaa'uufiis ta'e bobbaa bobba'uuf mana fincaaniitti fayyadamuuf rakkinni isin qunnamu maalii?

Yeroo hundaa mana fincaanii fayyadamuu keessan maaliin mirkaneessuu danda'amaa? Mana fincaanii yeroo fayyadamnu of eegannoo gochuu kan qabnu maal maalfaadha? Maaliif?

### 2.1.5. Qabiyyee Barnootaa Shan: Itti fayyadama mana fincaanii seera qabeessa ta'e

**Kaayyoon barnootichaa:** barnoota kanaan booda barattoonni

Haala qabannaa mana fincaanii fakkii irratti ibsame qulqulluu ta'uufi qulqulluu ta'u dhabu isaa adda nibaafatu.

**Yeroon kenname 40'**

**Miidiyaan barnootichaaf barbaachisu:**

Gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsaatti argamu

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul'isuu:** Barumsa kana sirna barnoota idilee itti aanee dhiyaatee waliin qindeesuun barsiisuun nidanada'ama.

1. Saayinsii Naannoo kutaa 1ffaa Boqonnaa 3 keessatti mata duree "mana barumsaa keenyaa" jedhame ibsame jala mata dureen xiqqaa "Itti fayyadama mana fincaanii'' waliin wal-qabsiisanii barsiisuun nidanda'ama .

**Gochaa raawwii: Qabiyyeen barnootaa kun gochaalee lama qaba.**

**Gocha 1. Manafincaanii haala gaariin fayyadamuun maalif akka barbachise ibsu (yeroon kenname: 5')**

- Mana fincaanii kan fayyadamau titiisni akka nurraa fagaataniif akka ta'e isaaniif ibsaa. Titiisooni dhukkubaaf waan nuusaaxilaaniif ofiirraa ittisuu qabna. Yeroo mana fincaaniitti fayyadamnu bobbaa mana fincaaniin aalatti fayyadamnu akka dhabamsiisnu itti himaa. Bobbaan akka nuti dhukkubsannu godha. Titiisooni kosii badheerraa argatan baachuun qaama keenyaarrattiifi nyaata keenya irratti qubachuu danda'u. Kanaafu mana fincaanii alatti kan fayyadamnnu yoo ta'e fayyaa keenyaaf balaa guddaa qaba. Barattoota itti fayyadama mana fincaanii ilaalchisee muxxanoo qabaachu fi qabaachuu dhisuu isaanii gaafadhaa. Muuxxannoo akka wal jijjiiraniis carraa itti kennaa. Haa ta'uyyuu malee uraan manni fincaanii mana keessaniitti itti fayyadamtan qadaada qabaa? Yoo qabaate haala muxannoo itti fayyadama isaa hiriyyoota isaaniif akka hiiman godhaa. Yoo qadaada hin qabu ta'e immoo maatiin isaan akka itti hojjechisiisan jajjabeesaa. Adeemsii kun baay'ee salphaa ta'u isaa itti himaa. Kana raawwachuu isaaniin titiisotaafi dhukuba isaaniin dhufu ni ittisu.

**Gocha 2.** Amala itti fayyadama mana fincaanii sirriifi sirrii hintaanee addaan baafachuu.

Itti aansudhaan muxxannoowwan itti fayyadama mana fincaanii sirriifi sirrii hintaanee fakkii fuula 6 - 8 irra jiran akka ilaaln taasisaa. Fakkiiwwan tokko tokko namoonni mana fincaanii haala sirrii ta'een yoo fayyadaman kan agarsiisuu yoo ta'u fakkiiwwan tokko tokko immoo namoonni mana fincaanii haala sirrii hintaaneen yoo fayyadaman agarsisaa. Muxannoo itti fayyadama sirriirratti baratooni harka isaanii baasuun namtichi fakkiirratti mul'atu waan sirrii ta'e maal hojjechaa akka jiru haa'ibsani. Akkasumas muxannoo itti fayyadama sirrii hintaaneerratti baratooni harka isaanii baasuun namtichi fakkiirratti mul'atu waan sirrii hintaanee ta'e maal hojjechaa akka jiru haa'ibsani; maal gochuun akka isaan irra turees haa' ibsan.

***<u>Fakkiiwwan fakkeenya gaarii agarsiisan</u>***

- Mana fincaani erga fayyadamanii booda daaraa itti naqu
- Mana fincaani erga fayyadamanii booda uraa/qaawwa isaa qadaaduu.
- Erga mana fincaani fayyadamanii booda harka saamunaan/ daaraan /dhiiqachu
- Kophee kaawwachuun mana fincaani seenuu

***<u>Fakkiiwwan fakkeenya gaarii kan hintaane agarsiisan</u>***

- Dirree/ urufa ykn bosona keessatti bobbaa bahu
- Naannoo mooraa mana jireenyyaatti qulullaa'u
- Gamoo/mana jalatti fincaa'u
- Kophee osoo hin kaawwatiin mana fincaanii seenu.
- Fakkiiwwan barnoota kanaaf qophaa'an hunda erga keessa deebitanii booda mana fincaanii sirriitti fayyadamuun tittisooni akka nurraa fagaataniifi dhukkuba irraa akka bilisa taanee jiraachuu akka dandeenyu barattoota sirriitti hubachisaa.

❖ Qabxilee armaan gadiitti dhiyaatan barattooni isin hordofuun irra deebi'uun akka dubbatan gochuun baranoota guyyaa xummuraa.

- Mana fincaanii erga fayyadame booda harka koo bishaaniifi sammunaan /daaraa nandhiqadha.
- Erga mana fincaani fayyadame xumuree booda yeroo hundaa uraa/qawaa isaa nanqadaada.

- ❖ Kanatti aansudhaan qabxilee dhiyaatan barattooni irra deebi'uun akka dubatan gochuun barnooticha xumuraa.
- Mana fincaani ergan fayyadamee booda harka koo bishaaniifi sammunaan dhiqachuu narraa egama.
- Erga mana fincaani fayyadame booda yeroo hunda uraa/qaawa isaa qadaaduun narraa egama

## 2.2. Karroora Qabiyyee barnootaa kutaa 2ffaa:

Barattooni barnoota isaanii kutaa 2ffaa keessatti e hubannoo waa'e dhukkuba tiraakomaa qaban, sababa isaafi dhiibbaa inni geessiisuu dandahu ibsuun isaan irraa egama. Kunis barattooni qulqullina dhunfaafi naannoo isaani eeguun dhukkuba tiraakomaa irraa akka of eegan nijajjabeesa. Barattooni dhiimma kana hojii irra akka olchuu danada'an, waa'ee barbaachisumaa ijaa, rakkoowwan ija waliin wal qabataniifi waa'e dhukkuba ijaa nibaratu.

### 2.2.1. Qabiyyee barnootaa tokko: Ijji kutaa qaama baay'ee barbaachisaa ta'eedha

**Kaayyoo barnootichaa***:* Barnoota kanan booda barattoonni

1. Barattoonni ija fayyaa qabeessa ta'e akka qabaatan hawwiifi ilaalcha gaarii ta'e niggabissuu

2. Barattoonni ija isaani qaroo –dhabeeyumaa irraa akka ittiin eggatan ni baratu.

**Yeroo kename: 40'**

**Miidiyaan barnootaaf barbaachisan:**

1. Gabatee Fakkii sagantaa barnootaa tiraakooma mana barumsichaa (fakkii nama qaro-dhabeeyyi)
2. Huccuu (uffata) itti ija haguggatan: Qabiyyee barnootaa kana osoo hindhiyeessin guyyaa tokkoon duura barattooni huccu qulqullu ta'e akka qabanii dhufan itti himaa.

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul'isuu:**

Saayinsii Naannoo kutaa 2ffaa Boqonnaa 1 mata duree "Namaafi jireenya isaa" jeedhu jalatti mata duree xiqqaa "nama fayyaa qabu nama dhukkubsata ta'e waliin wal madaalsiisuu" kan jedhuu waliin qindeessuun barsiisuu indanda'ama.

**Duraa dubaa:** Qabiyyeen barnootaa kun gochaalee sadii ofkeessa qaba

**Gocha 1.** Qaroo dhabeeyii jechuun maal akka ta'e yaadu (daqiiqaa 5')

- Gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsaa fuula 9 irratti fakki nama qaroo dhabeeyyi ta'e barattootatti agarsiisuun isaan gaafadhaa. Kanaan duraa nama akkasii agartani beektuu? Yoo kan beektan taanaan maal ta'e isiniitti fakkaataa?
- Qaroo dhabeeyyi ta'u jechuun maal jeechuu akka ta'e barattoota gaafadhaatii deebii isaanis afaaniin akka deebisan taasisaa. Himoota armaan gadii fayyadamuun marii gochuu nidanda'u. har'a ifti ija keenyaa maal akka ta'e ni mari'anna. Qaroo dhabeeyii ta'uun maal jechuu akka ta'e yaaddanii beektuu? Maal ta'u jechuudha jettanii yaadduu? Gaafilee kana irratti barattoonni yaada akka wal jijjiran taasiisaa.

**Gocha 2.** Qaroo dhabeeyii ta'u jechuun maal akka ta'e miira isaa uumu (yeroon kenname 25')

- Barattoota daree keessa baasuun bakka mijawaa mooraamana barumsaa keessatti geessaatti bakka lamatti isaan qoodaa. Garee tokko akka qaroo dhabeeyi haata'u inni lamataan immoo kan ilaalan ta'u qabu. Haaluma kanan barattoonni ilaalan kanneen qaroo dhabeeyyii waliin lama lamaa waliitti qindeessuun isaan akka qaroo dhabeeyyitti bakka bu'an ija isaanii haa dunuunfatanii / huccuun haahagugani.
- Itti aansuuudhaan barattoonni ilaalan hiriyoota isaanii qaroo dhabeeyyii isaanii cinaa ta'uun osoo wal hinqabatiin mooraa manabarumsaa keessatti akka sochoo'an haala qajeelfama itti aanuun itti himaa. Biqiiloota yookiin namatti akka hinbuune gara fuula duraatti, gara bitaatti gara mirgaatti nannaa'aa jechuun itti haahimani.
- Haala kanaan daqiiqaa 10 erga haasawani booda barattoonni qaroo dhabeeyiitti bakka bu'anii huccuu ija isaanii ittiin hagugattan shaanxaa yookiin saanduqa keessa haakawatan.

- Yeroo yoo qabaatan barattoonni waljijjiranii irra deebi’uun haa rawwatan.

***HUB*:** Barattoonni gahee isaani yeroowal jijjiiran haguggiin ija isaaniif fayyadaman haaraa ta’u qabu

**Akka filannootti kan dhihaate**: Barsiisaa gocha kana yeroo barnootaan aalatti /boqonnaati/ gareen ta’anii haala salphaan ija isaani dununfachuun raawwachuu akka dandahan gorsa kennaaf.

  - Gochichi erga raawwatame booda: Barattoonni gara daree isaaniitti akka deebi’an godha.

***HUB*:** Huccuu hagugii ijaa waliin osoo fayyadamne hoo? Maaliif hagugiin ijaa inni tokko itti fayyadamne inni kan biroo akka itti hinfayyadamne dhorkamee? Huccuu hagugii ijaabakka addaa akka kaawwamu maalif barbaachiise jeechuun barattoota gaafadha.

- Haguggii ijaa walirraa eergifachuun karaalee dhukkubni tiraakomaa ittiin daddarbu keessa tokko ta’u isaa ibsaaf.
- Waan kana ta’eefiis, huccuu haguggii ergifatanii fayyadamuun duraa sirriitti miccamu qaba. Huccuu xurawaa ta’e kamiiyyuu fulaafi ija keenya yoo ittiin haxofne dhukkubni tiraakomaan akka nuqabu danda’u itti himaa; kanaafuu, ija keenya qulqulleessuu yoo barbaane uffata qulqullu fayyadamu qabna, akkasumas uffata qulqullu uffachuu qabna.

**Gocha 3**: Qaroo dhabeeyyi jechuun miira akkamii akka qabu irratti mari’achuu (yeroon kenname 10’)

- Barattooni gara dareetti erga deebi’anii booda qaroo dhabeeyii bakka bu’anii kan turan yeroo sochii gochaa turaniitti miira itti dhagahamee gaafadha. Haallii mija’aan isiniitti dhagahameeraa? Soochiichi isiniitti ulfaatee turee? Walumaagalatti bitaacha isiniitti hintaanee? Ija keessan banu hin yaallee turee? Bantanii turee? Yoo ija keessan bantan ta’e maaliif? Miirri fayyummaan waan isiniitti hindhagahamneefidhaa? Bara jireenyaa guutuu qaroo dhabeeyyi ta’ani jirachuun maal jechuudhaa?
- Dhumma irrattis, Sababoota qaroo dhabeeyyi nama taasiisan keessaa inni tokko dhukkuba tiraakomaa ta’u isaa barattootaaf ibsaa. Dhukkuba tiraakomaa of irraa ittisuuf guyyaatti yoo xiqqaatee si’a lama fuula keenyaa dhiqachuun dhukkuba kana of irraa ittisuu akka dandeenyu itti himaa.

**Calaqee:** Barattooni gabatee itti anuu fayyadamanii ofi isaani akka madaalan taasiisaa. Iftoominaan ofiisaanii akka madaalan jajjabeessaa. Barattoota anii qulqulluu dha jechuun kan ofmadaalan harka isaanii akka baasan gaafadha. Akkasumas nuti qulqulluu miti jedhanii kan of madaalan harkaafi fuula isaanii bishaan mooraa mana barumsaa keessa jiruun akka dhiqatan godhaa. Bishaan mooraa mana barumsa keessatti hinjiru taanaan guyyaa itti aanuutti mana isaaniitti of qulqulleessanii akka dhufan hojii manaa kennaaf.

| Lakk | Safartu ofiin itti Madaalamu | Baay’ina Barattota harka isaanii baasan |
|---|---|---|
| 1 | Barattoota harki isaanii qulquluu ta’e | |
| 2 | Baratttoota fuulli isaanii qulqulluu ta’e | |
| 3 | Baratttoota ijaa isaanii gonkumaa harka xuriidhaan hin tuttuqne | |
| 4 | Baratttoota uffata /hoccuun isaanii qulqulluu ta’e | |
| 5 | Baratttoota ijaa isaani gonkumaa hucuu xurawaan hin tuttqne | |
| 6 | Baratttoota funyaaniifi ija isaani irratti dhangala’oo hinqabne | |

- ❖ Gochi madaali erga raawwatee booda gaafilee armaan gadii barattoota gaafadha.
- Ani dhukkuba tiraakomaa qaroo dhabeeyummaaf nama saaxiluurraa of eegaa jira jettee yaadaa? Yoo tahuu baate maaliif? Gara fuula duraatiif maal gochuu qabda?

### 2.2.2. Qabiyyee Barnootaa Lama: Dhukkuba Ijaa

Kaayyoo barnooticha: Barnoota kanaan booda barattoonni -

1. Ijji isaani haala salhpaan dkukkubaan akka miidhamu danda'u nibaratu
2. Ija isaani dhukkuba irraa haala kamiin akka ittisan nibaratu.

Yeroon kename: 40'

**Miidiyaan barnootichaaf barbaachisan:**

Gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaarratti fakkii baratаa dkukkuba ijaan qabame agarsiisuu.

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul'isuu:** Qabiyyee barnootaa kana sirna barnootaa idilee waliin qindeessanii barsiisuun nidanda'ama:

- Barnoota Saayinsii Naannoo kutaa 2ffaa baqonnaa tokko keessatti mata dureen "Fayyaa keenya" jedhutu jira. Mata duree kana jalatti mata dureen xixiqqoo "Qulqullina dhunfaa keenyaa haa eeganun", "Dhukkuboota qalqaullina eeggachuu dhabuurraa uumaman"

**Duraa duuba:** Qabiyyeen barnootaa kun gochaalee lama ofkeessaa qaba.

**Gocha 1.** Seenaa barattootaatti himu (yeroon kenname: 15')

- Duraan dursa seenaa itti aanu barattootaatti himaa. Seenicha yeroo barattootaatti himtan gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsaarratti fakkii fuula 10 irra argamu itti agarsisaa. Seenichi akka armaan gaddiiti dhiyaateera.

***<u>Caalaa</u>***

Caalaan baratаa kutaa 2ffaati. Yeroo hundaa harkaafi fuula isaa osoo hin dhiqaatiin ciree isaa nyaata.Yeroo gara mana barumsaatti deemu fuuli isaa titiisaan marsamedha. Barsiistuun isaa yeroo hunda fuula isaa akka dhiqatu gorsituus inni garuu gorsa ishee hojii irra hinoolchuu.

Barattuu kutaa 2ffaa hiriyaafi oollaa Caalaa, Mareemaa jedhamtuu jirti. Mareemaan ganama yeroo hirriibaa kaatu bishaan niwaraabdi.Ciree osoo hin nyaatiin dura harkaafi fuula ishee saamunaan dhiqatti. Sanaa booda gara mana barumsaatti deemti.

Caalaan guyyaa tokko ija lamaanuu garmalee dhukkubsate. Sababa kanaaniis torbee lamaaf mana barumsarraa osoo hindeemiin hafe. Caalaan ija isaa akka dhukkubsate Mareemaan barsiisaa isaaniitti himte.Barsiistuun gara mana Caalaatti deemte. Ijji Caala lammanuu diimachuurraa darbee dhiita'e jira. Ija lammanuu keessaa dhangala'oon nimadda. Kanumarraa ka'uun dhukkubichi waan isatti cimeef yoo bo'uu argite. Barsiistuun hadha Caalaa waliin ta'uun gara mana yaalaa geessan.

Ogeettiin mana yaalaa keessatti argamtu dhukkubni Caalaan dhukkuba tiraakomaa akka ta'e itti himte. Mana isaanii keessaa namni kan ija isaa dhukkubsatu jira jettee hadha Caalaa gaafatte. Obboleettiin quxusuu Caalaa ija ishee akka dhukkubsatte turte itti himan. Ogeettiin mana yaalaa obboleettiin Caalaaniis akka yaalamu qabduu hadha Caalaatti himte. Dhukkuba kana ittiisuuf yooxiqqaate si'a lama harkafi fuula isaanii akka dhiqachuu qaban hadha Caala gorsite. Kana gochuu baannaan dhukkubichi akka deebi'ee dhufuufi miseensota maatii hunda akka walli gahu danda'u, salphumatti namaa gara namaatti kan daddarbu ta'u isaa, akkasumas dhukkubni kun deddeebi'ee yoo kan nama qabu ta'e qaroo- dhabeeyyumaaf akka saaxiluu jabeessitee gorsite. Dhumarattiis akkas

jechuun akkeekkachiste. "Ammaaf fayyitanii jirtu, qulqullina keessan hineegdan taanaan garu irra deebi'uun dhukkubsachuu waan dandeessaniif qaroo-dhabeeyyummaaf saaxilamtu. Kanaafuu, garafuula duraaf qaroo-dhabeeyyii akka hintaane ofeeggannoo cimaa gochuun isiniirraa eegama".

**Gocha 2:** Dhimma raawwatamuu qabu irratti marii'achuu (yeroon kenname: 25')

Barattoonni seenaarraa maal akka baratan gaafadhaa? Gaafilee adda addaa kan armaan gadiifakkaatan gaafachuu dandeessuu.

- ➢ Caalaarratti maaltu umamee?

**Deebii:** Ija isaa dhukkubsate, sababa dhukkubichaan mana barumsarraa hafe, ija isaa yaalamuuf gara mana yaalaatti deeme fikkf ta'u danda'u.

- ➢ Caalaan maaliif dhukkubsatee?

**Deebii:** Fuula isaa waan hin dhiqaneef,titiisni fuula isarraa waan qubataniif,

- ➢ Akkamiitti fayyee?

**Deebii:** Mana yaalaa deeme yaalamuun qoricha kennameef seeraan waan fayyadameef

- ➢ Caalaan fayyaa qabeessaa ta'e jiraatuuf maal gochuu qaba?

**Deebii**: Akka maareemaatti harkaafi fuulaa isaa yeroo hundaa saamunaan dhiqachuu qaba. Huccuu (uffata) isaa qulqulleefachuu qaba. Obboleettiin isaas akka ofqulqulleesitu hordofuufi yaadachisuu qaba.

**<u>Yaadannoo:</u>** Deebiin gafilee armaan oliif kennaman kana qofa miti. Kanaafuu, deebiiwwan dabalataankennaman jajjabeefamu qabu.

Marii booda safartu madaallii armaan gadiitti dhiyaatan irratti hunda'udhaan barattooni hammam qulqullu akka ta'an mirkaneesi. Yeroo gaafichagaafattu harka baasuun akka deebii keennan taasiisi. Barataan kamiyyuu gaafii gaafatameef deebii dogongooraa yoo kenne daawwitii mana barumsaa fayyadamuun yookiin barattoonni biroon waa'ee qulqullina isaanii akka mirkaneessan taasiisi.

| Lakk | Gaafilee madaallii | Baay'na Barattootaa rakkinichi irratti mul'ate |
|---|---|---|
| 1 | Barattoota fuula xuraawaa qaban meeqaa? | |
| 2 | Barattoonni miira dhukkuba ijaa isaaniitti dhaga'amu meeqa? | |
| 3 | Barattoota iji isaanii dhukkubee beeku meeqa? /miiri dhukkubbu ijaa irratti mul'atee meeqa? | |
| 4 | Barattoota meeqatu iji isaani diimatee, dhiitahee? ijji isaanii cimmisee? | |

- Mee barattoota fuula qulqulluufi ija fayyaaleessaa qabaniifi kan hin qabne gorsaa. Yeroo gorsitan qabxiwwaan itti aanan akka hindagatamne. Yoo dagataman ofii keessaniin barattoota hundaaf xiyyeefanoon itti himaa.
  - ✓ Yeroo hundaa qulqullina keessan eegachuun titiisa of irraa fageesaa.

- ✓ Harkaafi fuula keessan yeroo dhiqattan saamunaafi wantoota naannoorraa argamaniin dhiqadhaa.
- ✓ Titiisoota dhabamsiisuuf naannoo keessan qulqullu godha.
- ✓ Yaadadhaa: dhukkubni tiraakomaa namarraa gara namaatti kan daddarbu titiisaan, harka xurawaa taaneen uffata ( huccuu) xurawaa ta’eefi k k f dha .
- ✓ Dhumma irrattiis yeroo qabaanaan barattoonni qulqullina isaanii hineegane akka dhiqatan taasisaa. Yeroo gahaa argachuu baannaan immoo guyyaa itti mana isaaniitti dhiqatanii akka dhufan taasisaa.

**Calaqqee:**

- ➢ Barattoota gaafilee armaan gadii gaafadhaa.
- Dhukkubni tiraakomaa jedhamu maaliin uumamaa? Tiraakomaan akka nun hinqabne akkamiin of irraa ittisnaa?
- Namni kamiyyuu ija yoo dhukkubsate maal gochuutu isaarraa eegama?

### 2.2.3. Qabiyyee Barnoota sadii: Tiraakomaa

**Kaayyoo barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni

1. Sababoota dhukkuba tiraakomaa fidan adda nibaasu .

2. miidhaa tiraakomaan fidu nihubatu; akkasumas dhukkubicha of irraa ittisuuf nimurteessu.

**Yeeroo kenname: 40’**

**Miidiyaan barnootichaaf barbaachisan:**

1. Yeroo fakkeessanii taphatanii barataan bakka ogeessa mana yaalaa bu’uuf/tuuf gaawaanii adii qopheessu/ gawaaniin yoo argamu baate ogeessa eekisteenshinii fayyaa gaafadhaa.

2.Yoo argame moodela laphee ittiin safaramu (isteetiskooppii) fayyadamaa.

3. Gabatee fakkii tiraakomaa mana barumsichaa fuula 9 irratti fakkii nama qaroo dhabeeyyi ta’e

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul’isuu:** Qabiyyee barnoota kanaa sirna barnoota idilee waliinqindessanii dhiyeessuun /barsiisuun nidandahama.

1 .Saayinsii Naannoo kutaa 2ffaa boqonnaa tokko keessatti mata duree “**Fayyaa keenyaa”** jedhutu jalatti mata duree xiqaa “Qulqullinaa dhunfaa eegachuu dhabuurraa kan ka’een dhukkuboota uumaman” kan jedhu waliin qindeessuun nidadeessu.

**Qophhii duraa**: Barnoota kana barsiisuu torbee tokkoon duraa barattoota diraamaa hojjechuu danda’an dhiira tokkoofi dubara tokko filadhaati diraamaa gababaa kana itti aanee jiru akka shakalan taasisaa. Yeroo diraamicha taphatan barattuun dubaraa akka ogeetti fayyaatti inni dhiiraa immoo akka akaakayyuu isaa dhukkuba tiraakoomaan qaroo dhabeeyii ta’eetti haataphatan. Barattoonni fiilaman kuni gahee kennameef akka garagalchanii mana isaaniitti shaakalan godhaa. Diraamicha daree keessatti sirriitti taphachuu akka danada’aniif torbee tokkoof haashaakalan.

**Gahee taphachuu**: (mucaan inni dhiraa rakkoo fayyaa akkoo isaa qunameen baay’ee gaduun gara biirooo ogeettii fayyaatti deema. ogeettii faayyaas akkana jedhee gaafata)

**Bratichi:** dooktor Akkoon koo maal taatee ijji ishee kan hinargine?

**Dooktora**: Akkoon kee dhukkuba tiraakomaadhaan kan miidhaman ta’u danda’a.

**Baratichi:** Tiraakomaa?

**Dooktora**: Tiraakomaan dhukkuba ijaa of irraa ittisuu dandahudha. Garuu yoo yaalamu /wala'aanamuu/ baatan qaroo dhabeeyyii nama gochuu danda'a. Biyya keenyaa Itoophiyaa keesatti namoonni hedduun sababa dhukkuba tiraakomaan qaroo dhabeeyyi ta'anii jiru.

**Baratichi:** Akkoon koo kana booda qaroo dhabeeyii taate hafti jechuu keetii?

**Dooktora:** Eeyyeen.

**Bratichi:** Tiraakomaan sababa maaliin uumamaa? (Miira gadda olaana keessa seenuun)

**Dooktora:** Tiraakomaan hanqina qulqullina ofii eegachuu irraa kan dhufu dha. Namoonni fuula isaanii, ija isaanii, harka isaaniifi huccuun isaani yeroo xuraawu; akkasumas titiisni miilaan balfa baachuudhaan ija keenya irra yoo qubatan dhukkubicha nitamsa'a.

**Bratichi:** Kan jechuun xuriin ijaakeenyaa dhukkubaaf saaxiluu nidanda'u jechuu keetii?

**Dooktora**: Sirriidha Tiraakomaan ija namaa nidhukkubsaa, nihoqsiisaa akkasumas madaa umaa. Kanaafuu, irra deddeebi'uun dhukkubichaan miidhamuun qaroo dhabeeyyummaaf nama saaxiluu danda'a.

**Baratichi**: Dhukkuba tiraakomaa yaaluun nidanda'amaa?

**Dooktora:** Kun gaafii gaariidha. Tiraakomaa ittisuuniis yaaluuniis nidanda'ama. Fuula keenya qulqullu gochuun tiraakomaa ittisuun ni dandeenyaa. Dabalataan mana fincaanii seeran fayyadamuufi qulqullina naannoo keenyaa eeguun titiisa of iirraa fageesuun nidanda'ama. Dhukkuba tiraakomaadhaan yoo qabamne torbeen tiraakomaa baraan al tokko kabajamurratti qorichaa kennamu fudhachuun yookiin mana yaalaa deemuun yaalamun nidanda'ama. Namni tokko yeroodhaan yaalamu dhabudhaan qaroo dhabeeyii erga ta'e booda fayyuu akka hindandeenyee hubachuun sirraa eegama. Ifa siif ta'eeraa?

**Baratichi**: Eeyyee Dooktor ifa naaf ta'eera; baay'ee galatoomaa.

**Dooktora:** Rakkoo hinqabu aniis sin galateefadha.

(Baratichi Dooktoritti harka fudhuun galateeffate baha. Taphni gaheen /diraamichi haala kanaan xumurama.)

**Duraa duuba**: kutaan barnootaa kun gochaalee lama ofkeessaa qaba

**Gocha 1:** Waa'ee tiraakomaa irratti diraamaa qophaa'e dhiheesuu (yeroon kenname: 7')

Barattooni diraamicha erga daawwatanii booda gaafilee adda addaa akka gaafataman itti himaa. Waanta'eefiis, diraamaa qophaa'e naamusaan akka hssordofan isaan gorsaa. Barattoonni diraamicharratti qophaa'an hiriyoota isaani fuuldura bahuun akka dhiyeessan taasiisaa.

**Gocha 2:** Tapha diraama dhiyaate irraa maal akka baratan mari'achu. (Yeroon keenname: 33')

- Taphnii diraamichaa erga dhiyaate booda barattootta gaaffii kanatti aanu gaafadhaa.
  - ✓ Akkoo baratichaa irratti maaltu umamee? (**Deebii:** sababa dhukkuba tiraakomaan qaroo dhabeeyyii ta'an).
  - ✓ Tiraakomaan maalii? (**Deebi:** tiraakomaandhukkuba ijaa haala salphaan ittisuu dandahamu yoota'u; yoo walaanamuu baatan garu qaroo dhabeeyyii nama taasiisa).
  - ✓ Qaama keenya isa kamii miidhaa? (**Deebii:** kan numiidhu ija keenyadha).

- ✓ Ittisuun ni danda’ama? Akkamiitti? (**Deebii:** harkaafi fuula keenya dhiqachuun mana fincaanii i sirriitti fayyadamuufi titiisa of irraa fageesuun).

- Dhuma irratiis dhukkubni tiraakoomaa dhukkuba ijaa hanqina qulqullina eegachuu dhabuu irraan kan uumamu ta’u isaa ibsuun barnooticha gudunfaa. Dhukkubichi kan inni daddarbu dhangala’oo ijaafi funyaan nama tiraakomaan qabame keessaa bahuun ija nama fayyaa qabu yoo tuqeedha. Daa’imman madda dhukkubichaati. Debalataaniis dhukkubichi titiisni nama dhukkubsateerra fudhachuun gara nama fayyaaleessaatti daddabarsu. Waanta’eefiis, ofii keenya, maatii keenyaafi hawaasa keenyaa dhukkubicha irraa hanbisuuf qulqullina dhunfaa keenyyaafi naannoo keenyaa eeggachuu qabna.

**Calaqqee:**

- ➢ Barattooni unka armaan gadii fayyadamuun akka of madaalan taasisaa. Gabate kan gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsaa irraattis ni argattu. Kanaafuu, unkicha gabatee gurraacharraa barreessuun isiniirraa hineegamu. Barattoonni waa’ee qulqullina dhunfaa isaanii yeroo of madaalan iftoominaan akka of madaalan isaan jajjabeessaa.
  Barattoonni ani qulqullu dha jedhanii ofmadaalan harka isaanii akka baasan gaafadhaa. Baratoonni ofii isaanii qulqullu miti jedhanii of madaalan bishaan mana barumsaa keessa jiruun akka dhiqatan gochuu / guyyaa itti aanu dhiqatanii akka dhufan hojii manaa kenaaf.

| Lakk | Qabxii ofiin itti madaalamu | Qulqulluudha? Eeyyee/miti.Miti yoo ta’e deemi dhiqadhu. |
|---|---|---|
| 1 | Fuula qulqulluu qabdaa? | |
| 2 | Ija qulqulluu qabdaa? | |
| 3 | Funyaan qulqulluu qabdaa? | |
| 4 | Harka qulqulluu qabdaa? | |
| 5 | Qaama kee guutuu niqulqulleessitaa? | |

Erga raawwii madaalliin kun xummurame booda gaafilee itti aanan barattoota gaafadha. Qaroo dhabeeyyii ta’uun gaariidhaa? Deebiin keessan miti yoo ta’e, wantoota dhukkuba tiraakomaaf saaxilan irraa of ittisaa jirtu jechuudhaa? Akkamitti? Garafuul duraaf wantii fooyyeessitan jiraa?

- Waa’ee qulqullinaa qabxiiwwan armaan gadiitti eraman irra deebi’uun qabiyyee barnootaa kana xummuraa. Itti aansuun, barattoonni akka irra deebi’an godha.
  - Guyyaa guyyaatti ija kiyyaa niqulqulleessa!
  - Guyyaa guyyaatti fuula kiyyaa niqulqulleessa!
  - Qaama koo hunda niqulqulleessa!

### 2.2.4. Qabiyyee Barnootaa Afur: Bakkeewwan Fayyaarratti Miidhaa Geessiisan Adda Baasuu

**Kaayyoon barnootichaa**: Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Wantoota naannoo faaluudhaan fayyaarratti miidhaa geessiisan adda nibaasuu.
2. Gochaalee qulqullina dhunfaafi qulqullina naannoof ta’an adda nibaasuu.

**Yeroon kenname**: 40’

**Miidiyaan barnootaaf barbaachisuu:**

Gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaarratti fakkiiwwan fayyaarratti miidhaa geessiisuu danda’an agarsiisuu/ akka fiilannootti barattoota eddoo kosii faalameetti geessanii agarsiisuun nidanda’ama.Fiilannoowwan lamaaniinuu qabxileen armaan gadiitti ibsaman ifa ta’anii mul’achuu qabu.

A. Daa’imnii naannoo mana jireenyaatti bobba’uu, mana fincaanii akka hinfayyadamne kan mirkaneessu.
B. Daa’imman bakka kosii titiisni itti baay’atuutti taphatan agarsiisa.
C. Bobbaatiifi kosiiwwan dhiyeenya mana jireenyaa biira argamuurratti titiisni yeroo irra qubatu agarsiisuu.
D. Bakka bultii loonii mana jireenyaatti dhiyaatu agarsiisuu
E. Uffata xurii ta’e agarsiisuu

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul’isuu:**

**S/Naannoo**: Barnoota S/Naannoo kutaa 2[ffaa] keessatti mata duree “ Naannoo hawaasummaa keenyaa” jedhutu jira.Dabalataan, mata duree “miirga daa’immani”fi mata duree “ fayyaa keenya”kan jedhu nijira. Daa’imman hundii naannnoo qulqullinni isaa egameettii jiraachuuf miirga qabu.Qulqullina naannoo keenyaa yoo kununsuu baanne fayyaa keenyarrati miidhaan nigaha.Qabiyyyee barnoota kana, matadureewwan barnoota saayinsii naannoo keessatti argaman waliin qindeessani barsiisuun nidand’ama. Kanaan aalas, qabiyyee kana, qajeelcha barsiisaa kutaa barnoota sadiitti itti aansanii dhiyeesssuun/barsiisuun nidanada’ama.

**Duraa duubaa:** Qabiyyeen barnootaa kun gochaalee lama ofkeessatti qaba.

**Gocha 1.**Fakkii naannoo qulqullinni isaa hinegamne agarsiisuu tarreessuu (yeroon kenname10’)

- Barattoonni fakkii gabatee sagantaa tiraakomaa m/barumsichaa irra jiru akka tarreessan gaafadha. Wantoonni qulqullina nannoorrattiifi qulqullina dhunfaarratti miidhaa geessiisuu danda’an afaaniin hatarreessan.

**Akka fiilannootti kan dhiyaate**: ibsa godhameerraan dabalata, barattonni bakka xuriin argamuutti deemu nidanda’u. Barattoonni yeroo daawwannaa dirree gaggeessan wantoota ququllina mana barumsaarratti dhiibbaa geessiisan akka hubatan isaan gargaaraa.Qabxilee kana qopheessuudhaan daawwannaa duraa gaggeessuun daawwannaa itti aanuu sirriitti qopheessuun nidana’ama.

- Barattoonni gara dareetti erga deebi’anii booda bakkii daawwatan akka qulqulluu hintaanee kan taasiisee yeroo ibsan barsiissaan/stuun gabatee guraacharratti habarreessan.
- Wantoota fakkiirratti ilaalan erga ibsan booda naannoo akkasiiti jiraachuun isin

**Gocha 2.** Wantoota fayyaarratti miidhaa geessiisan ilaalchisee yaada furmaata isaaniif ta’u irratti marii’achuu (yeroon kenname: 30’)

- Wantoota fayyaarratti miidhaa geessiisan ilaalchisee yaada furmaata isaa gareen akka marii’atan haala mijeessaaf. Qabxilee akka rakkootti guca keessatti eraman gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaa fuula 12 irratti argamu.Kanaafuu, rakkoowwan guca keessatti ergaman gabatee guraacharratti barreessuun isiniirraa hineegamu.

| Rakkoowwan | Yaada furmaataa |
|---|---|
| Daa’imman dhiyeenya mana jireenyaatti bobbaa’aniif furmaatnii maalii? | Daa’imman kan qulqullaa’u qaban mana fincaaniitti qofaadha. Kanaan aala tanaan bobbaatiin awwaalamu qaba. |
| Daa’imman harkaafi fullii isaanii xuraa’ee bakka kosiin titiisni itti baay’attuutti taphataniif furmaanni maalii? | Daa’imman yeroo harkiifi fullii isaanii xuraa’u dhiiqachuun isaan irraa egama; Kuniis, yooxiqqaate guyyaatti si’a lama dhiiqqachuu qabu; Angafoonni quxusuu isaanii gargaaruun isaaniirraa egama. |
| Titiisni, kosiifi bobbaatiin dhiyeenya mana jireenyaatti argamaniif furmaanni maalii? | Titiisa dhabamsiisuuf naannoo mana jireenya keenyaa qulqulleessuufi bobbaatii namootaa fageessani awwaalu. |
| Bishaan meeshaa keenya keessatti jiru waan dhangalaa’eef waan harka ittiin dhiqqannu hinqabnu; kanaafuu,yaadni furmaata maalii? | Bishaan harkaafi fuula keenya ittiin dhiiqqannnu jiraachuu isaa yeroo hunda mirkaneessuu. |
| Dhiyeenya mana jireenyaatti beelladoonni manaafi bobbaatiin/faltii isaanii nimul’ata; kanaaf uu,yaadni furmaata kanaa maalii? | Faltii/ Bobbaatii beelladoota mana jireenyarraa fageessanii dhabamsiisuuf Faltii i boobbaatiin jiraachuufi jiraachuu dhabu isaa mirkaneessuu. |
| Uffanni jiraattota qee’ee kana keessatti argaman xura’aadha; kanaaf yaadni furmaata isaa maalii? | Uffata keenyaa yeroo yeroon miiccachuu. |

- Mariin erga raawwatee booda rakkoowwan dhiiyaataniif yaada muraasa furmaatadha jedhanii itti amanan hadhiyeessan.

- Dhumarratti qabxilee itti aanan barattootaaf yaadachisaa. Nutii yeroo xuroofnuu fi naannoo kosiin itti baay’atuutti yoo agramne carraan dhukkubaaf saaxilamu keenya nidabala. Dhukkuba nuqabu keessaa tokko tiraakomaadha. Dhukkubni tiraakomaa qaroo-dhabeeyyummaaf nusaaxiluu danada’a.

**Calaqqee:**

- Barattooni, qabxiiwwan unka keessatti ibsaman irratti hundaa’uun sirriitti ofhaamadaalan.unka kana gabatee guraacharratti barreessuun hinbarbbaachisuu; garu, barattoonni harka baasuun deebii haalaatani.
- Barattoonni qabxilee unka keessatti ibsaman raawwachuu danda’an harka habaasani.

| Lakk | Safartoo ofiin itti madaalamu | Baay'ina barattoota |
|---|---|---|
| 1 | Barattoonni mana fincaanii seeraan fayyadaman | |
| 2 | Barattoota manni jireenya isaani qulqulluu ta'e | |
| 3 | Barattoonni harkaafi fuula isaanii saamunaafi wantoota naannoorraa argamaniin kan dhiiqatan | |
| 4 | Barattoonni naannoon isaanii qulqullu akka ta'u kanneen biiroof barsiisan | |
| 5 | Barattootni harkaafi fuula isaanii saamunaafi wantoota naannoorraa argamaniin akka dhiiqataniif hiriyoota isaanii barsiisan | |

- Barattoonni harka isaannii hindhiiqanne haala safartoowwan kaa'amaniin qulqulluu miti jedhani waliigalaniiru; kanaafuu, haaluma qabxilee ibsamaniin tokkoon tokkoon baratoonni sadarkaa barbaachisuun qulqulliina isaanii eguun akka miirkaneessani inni tokko isa kaan yaadachisuun wal-hagargaaran. Safartoowwan eraman keessaa qabxilee muraasa ta'uus maaliif hojiirra olchuu akka hindandeenye isaan gaafadha; sababni isaas rakkoo qaban furmaata akka itti laatan isaan dandeesiisa. Barsiisaa maaloo barattooni kun rakkoo kana keessaa akka bahan dhunfaaniis ta'e gamtaan marisiisuu isiniirraa egama.

### 2.2.5. Qabiyyee barnootaa Shan: Wantoota Fayyaa Keenyaaf Fiilatamaa Ta'an

**Kaayyoon barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni:

1. Wantootaa naannoo faaluun fayyaarratti miidhaa geessiisan nimadaalu.
2. Haala kamiiyyuu keessa ta'uun wantoota fayyaa isaaniif ta'an nifiilatu.

**Yeroon kenname**: 40'

**Miidiyaan barnootaaf barbaachisuu:**

1. Mudannoo unka gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaa irratti argamu

**Adeemsa qabiyyee barnoota kanaafi barnoota idilee waliin qindeessuun haala ittiin barsiifamu agarsiisuu;** Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessuun barsiisuun nidanda'ama.

Barnoota S/Naannoo kutaa 2ffaa boqoonnaa tokko keessatti mata duree 'fayyaa keenya'kan jedhutu jira. Mata duree kana jalatti mata dureewwan xixiiqqaa 'qulqulliina dhunfaa keenyaa haa'egnuu' kanjedhuufi 'qulqulliina dhunfaa gochaan agarsiisuu'jedhantu grgamu.

**Qophii duraa:**

Barumsa kana barsiisuu keessaniin guyyaa tokko dursiitanii barattoonni tokkoon tokkoon isaanii mudannoo gaggabaabaa gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsicha fuula 12 irratti jiru dabtara isaaniirratti barreessuun maatii waliin mana isaaniitti mari'atanii tarkaanfii namnii mudannoo keessatti eerame fudhachuu qabu 2 hanga 3 kan hincaalle akka fiidan godha.

Mudannoowwan kuniis akkanaan dhiyaatanii jiru: Faaxumaan Raaheel dukaa taphachaa jirti. Raaheel fuullii, harkkiifi ijji shee xura'aadha.Titiisonniis fuula isheerratti niqubatu. Faaxumaan hiriyaa ishee gargaaruuf gorsa akkamii gorsuu qabdii?

**Duraa duuba:** Qabiyyeen barnootaa kun gochaalee lama ofkeessa qaba.

**Gocha 1.** "Fiilannoon gaarii fayyaa keenyaaf" yaada jedhu ibsu (yeroon kenname: 5')

- Hiikni fiilannoon gaarii fayyaa keenyaaf jedhuu maal akka ta'e barattoota gaafadha. Gaafii itti aanaanu gaafachuu dandeessuu; Gaaleen "Fiilannoon gaarii fayyaa keenyaaf" jedhu maal jechuu isiniitti fakkaataa? Deebii barattootaa ka'umsa gochuun fiilannoon gaarii fayyaa keenyaaf jechuun maal jechuu akka ta'e hiika waliigalchuu danda'u itti himaa. (Deebiin keennamu kana dabaluu nidanda'a; fiilannoon gaarii fayyaa keenyaaf jechuun fiilannoo dhukkuba kamiirrayyuu nuun ittisuu danda'u jechuudha;Gosa fiilannoo kammiiyyuu ta'e fayyaa keenya kan egsiisuu jechuu dha).

**Gocha 2.** Mudannoo tokko akka fiilannoo fayyaaleessummaa gaariitti fudhachuu(yeroo kenname: 35')

- Yaada marii guyyaa tokkoon duraa garee itti ramadamaniin akka hojjetaniif murtaa'ee irratti garee isaaniin akka hojjetan itti himaa.Kaayyoon hojii garee kanaa, mudannoo keennameerra hundaa'uun fiilannoo gaarii fayyaadhaaf ta'u garee isaaniin kan irratti waliigalaniifi jireenya isaanii keessatti kan raawwachuu danda'aniidha.
- Miseensonni garee tokkoon tokkoon isaanii fiilannoo maatii isaan waliin fiilatan kanneen biiroof akka qoddataniif yeroo gahaa itti laadha;
- Miseensonni garee tokkoon tokkoon isaanii yaada isaanii erga wal-jijjiran booda mudnnoo/ seenaa itti kennameerratti yaada dabalataa akka ibsan jajjabeessa. Gama biiraan hiima dheeraa barreessuudhaan akka hinrakkanne itti himaa.
- Dhumarrattiis, garee tokkoon tokkoon mudannoo ofiif gabbisan akka dhiyeessan carraa itti laadhaa. Yeroo mariichi dhiyaatu yaanni barattootaaf ifa hintaanee yoojiraate akka gaafatan isaan jajjabeessaa.

**Calaqqee:**

- Barattoonni safartoo unka keessatti ibsaman irratti hundaa'uun amanamummaan akaa madaalan godhaa.
- Barattoonni safartoowwan tokko tokkoof deebiin kennan **eyyee** taanaan harka akka baasan godhaa. Safartoowwan tokko tokkoof deebii kenname lakkaa'uun fuuldura barattootaatti kaa'a.

| Lakk | Gaafiilee safartoo madaallii dhunfaa | Eyyee/ miti |
|---|---|---|
| 1 | Mana fiincaanii seeraan fayyadamtaa? | |
| 2 | Mana jireeyaa kee qulqulliinaan qabattaa? | |
| 3 | Harkaafi fuula kee saamunaafi wantoota naannoorraa argamaniin nidhiqattaa? | |
| 4 | Naannoon keessan qulqulluu akka ta'u kanneen biiroo nibarsiistaa? | |
| **5** | Harkaafi fuula isaanii saamunaafi wantoota naannoorraa argamaniin akka dhiqatan nibarsiistaa? | |

- Dhumarrattiis, safartoowwan kennameerratti hundaa'uun barattoota tokkoon tokkoon waliin dhunfaan mari'adha; akkasumas, gaafii itti aanuu isaan gaafadha.Hawaasaafi naannoo keenya fayyaaleessaafi qulqulluu gochuuf hamma humni koo danda'uun hojjedheen jira jette yaaddaa? Gara fuulduraaf maal gochuu sirraa egamaa?
- Tiraakomaan rakkoo namoota dhunfaa qofaa osoo hinta'iin rakkoo maatiifi hawaasummaati.Waanta'eefis, barattoonni maatii isanii dhukkuba tiraakmaarraa baraaruuf gahee isaaniirraa egamu nibaratu. Haala kanaan barattoonni maatii isaaniif fakkeenya ta'uun isaaniirraa egama.

## 2.3. Karoora Barnootaa Kutaa 3ffaa

### 2.3.1. Qabiyyee Barnootaa 1: Jarmoonnii fi Haala Tamsaa'ina Isaanii

**Kaayyoon barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni -

1. Jarmoonni akkamiin akkatamsa'an ni ibsu.
2. Jarmootarraa biliisa ta'uuf harkaafi fuula isaanii yeroo hunda nidhiqatu.

**Yeroon kenname**: 40'

**Miidiyaan barnootaaf barbaachisuu:**

1. Irdii (daakuu haalluu keelloo qabu)
2. Bishaan xiiqqaa (m/ brumsaa keessatti bishaan yoo jiraate itti fayyadamuun nidanda'ama. m/ brumsaa keessatti hin jiru taanaan barattoonni leetira 3 hanga 5 akka fiidan isaan ajajaa).
3. Saamunaa yookiin daaraa

**Qophii duraa:** Barsiisaa, irdii harka barataa tokko ittiin diibuuf gahu fiidaa.

**Qabiyyee barnootichaa sirna barnoota idilee mana barumsichaa waliin yaada qindeessuuf dandeessiisuu kallatti mul'isuu:** Qabiyyee barnootaa kana sirna barnoota idilee waliin qindeessuuf yaada armaan gadii hordofuun ykn irra deebi'uun barsiisuu nidandeessu.

Saayinsii Naannoo: kitaaba barataa Saayinsii Naannoo kutaa 3ffaa boqoonnaa tokko irratti mata duree " Fayyaa maatii eggachuu" kan jedhutu jira.Mata duree kana jalatti mata dureen xixiiqqoon ni argamu; isaaniis "Gochaalee fayyaa maatii egsiisuu waliin kan walqabatan", " gochaalee qulqulliina egsiisuu waliin kan walqabatan"," dhukkuboota qulqulliina eggachuu dhabuurraa kan umaman". Matadureewwan kana keessaa tokko waliin qindeessuun barumsicha dhiyeessuun nidand'ama.

**Duraa duuba:** Qabiyyee barnoota kana keessatti gochoota lamatu argama.

**Gocha 1.**Waa'ee jarmootaa keessa deebi'uu

- 'Jarmoonni maalii?' jechuun barattoota gaafachuu. Barattoonni yeroo kutaa 1ffaa fi kutaa 2ffaa keessa turan waa'e jarmoota hamma tokko baratanii jiru. Keessa deebiidhaaf akka tolu gaafiiwwan itti aanan gaafachuu nidandeessuu.
    - "Jarmoonni maalii? Jarmoonni yeroo baay'ee essatti jiraatu?" Barattoonni gaafiilee kana erga deebisan booda maricha yaadoota armaan gadiitti ibsamaniin gudunfuun nidand'ama.
    - Jarmoonni meeshaa maayikroskooppiin aala lubbu qabeeyyii ijaan hinmulanne dha. Jarmoonni/ lubbu qabeeyyii ijaan hinmulanne kun namoota dhukkubaaf kan saaxilaniidha. Jarmoonni kun bakka hundaatti argamu. Jarmoonni namaa gara namatti, wantoota adda addaarraa gara namattiifi namarraa gara wantoota adda addaatti daddarbu nidanda'u.

**Gocha 2. Jarmoonni akkamiitti akka daddarban sakata'u (yeroon kenname: 35')**

- Barsiisaa, jarmoonni bakka tokkoorraa gara bakka biirootti akkamiin akka daddarban yaalii agarsiisuu akka hojjetamu barattootaaf hubachisaa. Barattoota feedhii qaban sadii fuudluratti akka bahan godha. Itti aansuun barattoonni sadanuu harka isaanii barattootaaf akka agarsiisan godhaa.Barattoonni harka barattoota fuldura isaaniitti bahan irraa jarmoota arguufi arguu dhabu isaanii gaafadhaa.Jarmoonni baay'ee xixiiqaa ta'u isaaniirraa kan ka'e ijaan kan hinmul'anneefi ijaan arguu yoobarbaachise meeshaa maayikiroskooppii fayyadamuu akka barbaachisuu itti himaa.

- Irdii biifa keelloo qabu barattootatti agarsiisaa. Irdiin kuniis jarmootaan akka bakka bu'u hubachisaa. Jarmoonni akkatti daddarbaniifi hindaddarbinee akka ilaaluu danda'an hubachisaa. Irdiin jarmootaan bakka bu'uu kun namaa gara namaatti yoo kan daddarbuu ta'e jarmoonnis akkasuma namaa gara namaatti akka daddaban nihubatu.
- Bishaan gahaa harka bartootaarratti busuun sirriitti jiidhuu isaa mirkaneessaa.Bishaan kunii dafqaan akka bakka bu'u hubachisaa. (Hubadhaa: yeroo taphannu, yeroo nyaata bilcheesinu, yeroo fiignuufi yeroo hojilee adda addaa raawwannu harkaafi qaamni keenya hunda nudafqisiisa).
- Jalqaba harka barataa feedhii qabu irratti irdiicha tuqsiisaa. Barataan/ttuun harka isaa/ishee akka walsukkuman/walgeessiisan godha. Barataan/ttuun harka isaa/ishee bartootaaf akka agarsiisan godha. Irdiicha yeroo harka barataarratti arganii akka jarmiicha arganiitti halakkaa'ani. Itti'aansuuniis fuula keenyaa harkaan yoomuu tuttuqnuu jarmoonni harka keenyaarratti argaman salphaatti gara fuula keenyaatti daddarbuu isaanii hubachiisuuf barataan/ttuun fuula isaa/ishee harkaan akka tuqan ajajaa.
- Barataa/ttuu lammaffaa fedhii qabu/du harka isaa/ ishee bishaan akka tuqsiisuu/stuu godha.Harkii barataan/ttuun jidhaa ta'u isaa mirkaneessaa. Jidhaa ta'uun isaa salphaatti irdiicha akka qabatu taasiisa. Ammammoo barataan/ttuun inni/isheen jalqabaa barataa/ttuu isa/ishee lammaffaa harkaan akka nagaa walgaafatan ajajaa. Barattoonni lamaanuu erga harkaan nagaa walgafaatan booda harka isaanii barattootaaf akka agarsiisan godha. Barattoonni lamaanuu waan harkaan walqabataniif irdiin gara barataa lammaffaatti daddarbe jira. Kanaafuu, Jarmoonnis akkuma kanaatti daddarbu.
- Haaluma walfakkaatuun barataan/ttuun sadaffaa adeemsa kana hordoofuun akka irra deebi'u/ tu godhaa. Barataan/ttuun sadaffaa kun harka bishaniin hatuqsiisuu/stuu. Barataan/ttuun lammaffaafi sadaffaa akka nagaa walgaafatan godha. Barataan/ttuun jalqabaafi sadaffaan harka walqabachuu hinqabani.
- Barattoonni sadanuu harka isaanii barattootaaf akka agarsiisan godha. Barattoonni gocha kanarraa maala akka hubatan gaafadha. (Deebiin: hundi isaanii harka isaaniirratti jarmoonni nimul'atu). Brataan/ttuun tokkooffaafi barataan/ttuun sadaffaa harka walqabatanii jiru jechuun barattoota gaafadha. Garummoo harka walhinqabanne. Haata'u malee barattoonni kunniin harka walqabachuu/waltuttuquu baataniis barataan/ttuun sadaffaan harka isaa/ishee tokkooffaa irraa akka fudhate/tte jiru/tu barattootatti hubachisaa. Kanaaffuu, gara isaa/isheetti daddarbee jira jechuudha. Kun kan agarsiisuu jarmmoonni nama tokkoorraa gara nama biirootti akkatti dadarbu danada'an barattootatti hubachisaa.Haaluma walfakkaatuun harkaafi fuula keenyaa yootuttuqne jarmmoonni salphaatti harkarraa gara fuula keenyaatti nidaddarbu.
- Namni tokko harka isaarratti yooqufaa'e jarmmoonni harka isaatiin gara nama biirootti daddarbu nidanda'u.Harki keenya yoo jarmii qabaate fuula keenya ittiin tuttuqne jarmoonni kun gara ija keenyatti daddarbuun ijji keenya akka dhukkubsatu godhu.Bishaaniifi saamunaa/ wantoota naannoorraa argamaniin/ fayyadamanii dhiiqachuun jarmoota dhabamsiisuuf baay'ee barbaachisaa ta'u isaa hubachisaa.
- Amma, barattoonni sadanuu harka isaanii bishaaniifi saamunaa/ wantoota naannoorraa argamaniin/ halaan akka dhiiqatan godhaa. Yammuu diiqatan yoo xiqaatee hanga sakoondii 20 akka sikkuman itti hima. Akkuma dhiiqatanii fiixaniitti harka isaanii baratootatti ha'agarsiisan. Siriitti dhiiqachuu isaaniin irdiicha/jarmoota/ akka dhabamsiifaman hubachisaa.
- Dhumarrattiis qulqullina keenyaa sirriitti yoo egnee jarmoota ofiirrraa akka fageesinuu isaan hubachisaa. Kanaafiidha; irra deddeebi'uun harkaafi fuula keenya halaan yoo dhiiqannee jarmootaafi dhukkuboota isaaniin dhufan irraa biliisa taana kan jennuu.

**Calaqqee:**

Barsiisaa maaloo unka itti aanuu keessatti **eyyee/miti** kan jedhu gabate gurraacharratti hojjedhaati barattoonni dabatara isaaniirratti akka barreessan godha. Yeroo isin dubbisaa gaafattani barattoonni **eyyee/miti** jedhuun deebii qofaa habarreessani.Haala kanaan barattoonni safartoo ukka keessatti jiru fayyadamanii akka ofmadaalan godhaa.Amanamummaan akka ofmadaalan isaan jajjabeessa; Haaluma kanaan hubannoo/ilaalacha isaanii biifa agarsiisuun eeyyee/miti jedhuun unka keessatti mallattoo (✔)kana akka fayyadaman itti hima.Deebiin tokkoon tokkoon barattoonni kennan yoo qubsaa miti jette yaadde barattoota biroo affeeruudhan fuullee mana barumsaatti akka shaakalan godhaa.

| Lakk | Safartoo ofiin itti madaalamu | Eyyee (✔) | Miti (✔) |
|---|---|---|---|
| 1 | Fullii kee qulqulluu akka ta'u nidhiqattaa? | | |
| 2 | Harka kee sirriitti nidhiqattaa? | | |
| 3 | Titiisni yeroo hundaa sirra qubatanii? | | |
| 4 | Qulqullina uuffata/huccuu kee ni'eeggattaa? | | |
| 5 | Jarmmootarraa biliisadha jettee yaaddaa? | | |

- Barattoonni haala guca keessatti ibsameen erga deebii laatan booda gaafilee itti aanu isaan gaafadha. Meeqa keessantu gaafiiwwan hunda eyyee jettanii deebistanii? Meeqa keessantu gaafiiwwan afur eyyee jettanii deebistanii? Meeqa keessantu gaafiiwwan sadii eyyee jettanii deebistanii? Meeqa keessantu gaafiiwwan lama eyyee jettanii deebistanii? Meeqa keessantu gaafii tokko qofa eyyee jettanii deebistanii? Meeqa keessantu gaafii tokkoolle eyyee jettanii kan hindeebisnee? Barattoota sadiifi sanaa ol eyyee jedhanii deebisaniif maaliif akka qulqullina isaanii eguu hindandeenye isaan gaafadha. Gara fuula duraaf maal gochuu akka yaadaniis isaan gaafadha. Erga yeroon barnootaa xummurame booda barattoota sadiifi sanaa ol eyyee jedhanii deebisaniin rakko kanarraa akka biliisa ta'an dhunfaan isaan gorsa (gargaaraa).

### 2.3.2. Qabiyyee Barnootaa 2: Tamsa'ina Dhukkuba Tiraakomaa

**Kaayyoon qabiyyee barnootichaa**: Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Dhukkubni tiraakomaa akkamiin akka daddarbu adda baasuu.
2. Naannoon xurawaa, harkii xurawaa,titiisniifi uuffanni xurawaa akkamiin dhukkuba tiraakomaa akka daddabarsan nitarreessuu.
3. Titiisni, qubni harkaa, uuffataafi naannoowwan xuraawwaniin dhukkubni tiraakomaa akka hindaddabarre nitoo'atu.

**Yeroon kenname**: 40'

**Miidiyaan barnootichaaf barbaachisuu:**

Gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaa irratti fakkiin karaan dhukkubni tiraakomaa itti daddarbu agarsiisuu.

**Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf kallatti mul'isuu:**
Qabiyyee barnootaa kana sirna barnoota idilee waliin qindeessuuf yaada armaan gadii hordofuun ykn irra deebi'uun barsiisuu nidandeessu:

Saayisii Naannoo: Kitaaba barataa Saayinsii Naannoo kutaa 3ffaa boqonnaa tokko jalatti mata duree "fayyaa maatii eeguu"kan jedhutu jira. Mata duree kana jalatti matadureewwan xixiiqaa " gochaalee

maatii fayyaa eeguu waliin kan walqabatan", "gochaalee qulqullina naannoo eegsiisuu waliin kan walqabatan", "dhukkuboota qulqullina eeguu dhaburraa umaman"kan jedhu keessaa tokko filachuun qindeessani dhiyeessuun nidanada'ama.

**Duraa duuba:** Qabiyyee barnootaa kana keessatti gochoota lamatu argama.

**Gocha 1**. Ibsa fakkii marsaa dhukkuba tiraakomaa agarsiisuu irratti marii'achuu. (Yeroon kenname: 15')

- Barsiisaa, dursa unka gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaa fuula 14 irratti fakkii karaa marsaan dhukkubni tiraakomaa itti daddarbu barattootaatti agarsiisa.Fakkichi dhukkubni kamiyyuu nama tokkoorraa gara nama biraattii akka daddarbu dandda'u agarsiisa. Namni dhukkuba kanaan qabame dhukkubicha uuffataasaaf, harkasaafi titiisaaf daddabarsuu nidanda'a. Dhukkubichi akka hindaddabarree gochuuf harkaafi fuula sirriitti dhiqachuu, mana fincaanii seeraan fayyadamuufi bakkeewwan xuriin itti kufame qulqulleessuu nidana'ama. Namni fayyaa ta'e uuffata, harkaa fi titiisota dhukkuba kanaan faalamaniin tiraakomaan isa qabu nidanda'a. Kanaafuu, namni fayyaan fuulaafi harka isaa dhiqachuun uuffatasaa qulqulleessuun dhukkuba kanaan akka hinqabamne gochuu nidanda'a.
- Barattoonni daqiiqaa 3 - 5 keessatti fakkicha ilaalanii akka hubataniifi himoota fakkicha isan akka ijaarans godhaa.
- Daqiiqaa 5 booda barattoonni, himoota waa'ee fakkicha barreessanii hiriyoota isaaniif akka ibsan godhaa; Barattoonni tokko tokkoon himoota barreessan keessaa tokko filanii dabareen akka isiniitti himan gochuun gabatee gurraacharratti bareessa.
- Ammammoo himoota gabatee gurraacharratti barreeffamaniif yaada gudunfaa kennaa. Qabxiiwwan yaada gudunfaaf ta'an akka armaan gadiitti dhiyaataniiru: Fakkiin dhukkuba tiraakomaa agarsiisuu, dhukkubichi namarraa gara namaatti akkamiin akka daddarbu agarsiisa. Namni dhukkuba kanaan qabame dhukkubicha uuffataasaaf, harkasaafi titiisaaf daddabarsuu nidanda'a. Harkaafi fuula keenya dhiqachuun, uuffata keenya qulqulleessuudhaan, mana fiincaanii seeraan fayyadamuun, xurii titiisni itti qubatu dhabamsiisuudhaan dhukkubchi akka hindaddabarree/ akka dhaabbatu/ gochuun nidanda'ama.

**Gocha 2.** Seenaa dhukkubni tiraakomaa akkamiitti akka daddarbu agarsiisuu itti himaa (yeroon kenname: 25')

- Barsiisaa maaloo seenaa itti aanuu barattootaaf himaa. Yeroo seenaa kana itti himtani sagalee bifa oduu duriitiin barattootaa gammachisuufi harkisuu ta'u qaba.

**Jarmii Tiraakomaa**

Jarmiin Tiraakomaa dhangala'oo ijaafi funyaan nama dhukkuba tiraakomaan qabame keessatti argama. Jarmiin kunii bakka tokkootti turuu hinjaalatu. Keessumattu, dhukkubni tiraakomaa bakka tokkoorraa gara bakka biraatti tamsa'uun namoota biros dhukkubsataataasiisuu jaalata. Haata'uuyyuu malee rakkoon tokkon ijira.Kuniis, jarmiin tiraakomaa ofiin tamsa'u hindanda'u. Bakka tokkoorraa garabakka birootti tamsa'uuf gargaarsa barbaada. Darbe darbee harka keenyarraa gargaarsa argata. Dhukkuba tiraakomaa otoo qabnu harkaan ija keenya tuqinaan jarmiin tiraakomaa salphaatti harkaafi quba keenyaarratti qubatu. Kanaanbooda jarmoonni kun bakka harkii keenya gaheetti deemu. Harka keenyaan yeroo namoota biroo tuttuqnuufi nagaa walgaafannu jarmiin harkakeenyarratti argamu gara nama sanatti darbuun isa faala. Dhumarrattis, jarmiin kun gara ija namichaatti seenuun dhukkubaaf nisaaxila.

Yeroo tokko tokko jarmiin tiraakomaa uuffata xuraa'een gargaarsa argatu. Dhukkuba tiraakomaan yooqabamneefi uuffata ijaafi funyaan keenyaa ittiin haxoofne namnii biraan yoo ittiin fayyadame

jarmooni gara namichaatti daddarbuun dhukkubaaf isa saaxlu. Yeroo baayee jarmiin tiraakomaa karaa titiisa xurawaan bakkaa bakkatti deema. Titiisonnifi jarmooni tiraakomaa hiriyoota cimaadha. Titiisni tokko ija nama dhukkuba tiraakomaan qabameerratti yoo qubate jarmii tiraakomaa baachuun gara ija nama birootti dabarsa. Haala kanaan titiini dhukkuba tiraakomaa daddabarsuun namoonni baayeen akka dhukkubsatan godhu.

- Barsiisaa gabate fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsichaa fuula 14 irratti fakkii argamu fayyadamuun tamsa'anni dhukku batiraakomaa akkamiitti akka dhaabbachuu danda'u barattootatti itti hima. Karaaleen tamsa'ina tiraakomaa ittisuuf gahee olanaa qaban harkaafi fuula keenya dhiiqachuu, mana fincaani fayyadamuufi qulqullina dhunfaafi qulqullina nannoo eeguuta'u isaanii barattootatti hima.Erga kana xummurtanii booda barattoonni dhukkuba tiraakomaarraa of'ittisuuf maal akka hojjechaa jiran isaan gaafadha. Waantokkoollee hinraawwanne taanaan sababa isaa gaafachuun gara fuuladuraatti maal akkaraawwachuu qaban isaan marisiisaa.

**Calqqee:**

- Barsiisaa unka armaan gadiirratti hunda'uun barattoonni ofiin akka of madaalan godha.

| lakk | Gaafilee ofiin itti madaalamu | Baayina barattootaa harka baasan |
|---|---|---|
| 1 | Qulqullinaan harka kiyyaa ni'eeggadha. | |
| 2 | Qulqullina fuula kiyyaa ni'eeggadha. | |
| 3 | Harkaafi Hucchuu (uffata) xuraawwaa ta'een ija koo hin tutuquu/hinhaxaa'u. | |
| 4 | Mana jireenyaa keenya qulqullinaan niqabadha | |
| 5 | Mana fincaanii seeraa nifayadama | |
| 6 | Naannoon keenya qulqulluu akka ta'uu isaan biroos nibarsiisa | |
| 7 | Namoonii biroon harakaafi fuula isaanii samuunaan akka dhiiqatan nibarsiisa. | |

Barumsa darbeerraa tokkoon tokkoon barattootaa jijjirama agarsiisuu isaanii mirkaneesuuf gaafii armaan gadii gaafadha. Tamsa'ina jarmoota Tirakkomaa ittiisuun ofiifi hawwaasni kee dhukkuba tirakkomaan akka hinqabamnee hamman danda'uu tattaaffii godheera jattee yaaddaa? Gara fulduraaf maal gochuuf karoorfatteerta?

### 2.3.3. Kutaa Barnoota sadii: Fuulaa fi Harka Dhiqachuu

**Kaayyoon barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Faayidaa fuulaafi harka dhiqachuu adda nibaasu.
2. Fuulaafi harka dhiqachuun walqabatee rakkoowwan maatii qunnaman hiikuuf karoorfatanii hojjiirra oolchu.

**Yaroon kennamee: 40'**

**Miidiyaaleen barnootichaaf barbaachisan:**

1. Guca qulqullina maatii ittiin adda ba'uu agarsiisuu.
2. Guca gochaalee raawwii karooraa
3. Fakkii waa'ee dhiqachuu harkaafi fuula mana barumsa keessatti argamu kan ibsu.

**Barnootiicha siirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf ibsa agarsiisuu:** Qabiyyee barnoota kana barumsa idileen waliin qindeesanii barsiisuuf barnoota itti aanu hordoofuun ykn iirra deebi'uun barsiisuu nidandeessu.

Saayinsii naannoo kutaa 3ffaa: Barnoota saayinsii naannoo kutaa sadaffaa boqoonnaa 1 keessatti mata dureen “Qulquliina maatii eeguu’’ kan jedhu jiira. Mata duree kana jalatti mata dureewaan xixiqqoo kanneen akka “gochaalee fayyaa maatii eegsiisuu waliin kan wal qabatan’’,“gochaalee qulqullina naannoo eegsiisuu waliin kan walqabatan“,“dhukkuboota rakkoo qulqullina eegsiisuu dhabuun kan umaman” kan jedhan keessa mataduree tokko waliin qindeessuun barooticha dhiyeessuun nidanda’ama.

**Duraa duuba**: Qabiyyee barnoota kana jalatti gochaalee lamatu argama.

**Gocha 1**. Harkaafi fulaa dhiqachuu irratti muxannoo maatii diddiriirsuu (yeroo kenname: 15’)

Adeemsa dhiqachuu harkaafi fuula sirrii ta’e gochaan itti agarsiisa. Yaadadha: ibsi keessan ifaafi gabaabaa ta’u qaba. Barattoonii duraa duuba isaa eeganii jecha jechaan yadachuun isaan irraa hineegamu. Hata’u malee, akka isaaniif galeetti ibsuun isaan irraa eegama. Barsiisaa, duraa duuba fuulaafi harka dhiqachuu ilaalchisee gochaalee armaan gadiitti ibsaman ofii keessaniif hubattanii barattonnii akka hubatan gochaan agarsiisuun kan dhiyaatu ta’u isaa akka hindaganne.

1. Ujumoo bishaanii banachuun harkaafi samunaa bishaan dhangala’uu jalatti qabadha
2. Ujumoo bishaanii cufuun harkka keessan samunaan walii sukkumaa.
3. Jarmoota baayee ajjeessuuf akka dandeessiisuuf harka keessan saamunaan dibuun sakondii 20’ f sukkumaa; hanga lakkoofsa 20tti lakkaa’uun samunicha harka keessaan irratti tursiisa. Yamuu dhiqattan duraa duuba armaan gadiitti ibsame barattootaaf sirriiti agarsiisuun isiniirraa eegama.
    1. Harka keessan bishaaniin jiisaa.
    2. Harka keessan lamaanu samunaa diibaa.
    3. Barrulee harka keessanii waliitti sukkumaa.
    4. Barruu harka tokkoon dugda duuba harka kaanii ittiin sukkumaa.
    5. Quboota harka keessanii walkeessa galchuun sukkumaa.
    6. Dugda duuba quba harka keessan barruu harka kaaniin sukkumaa.
    7. Fixee harka quba keesaan barruu isa tokkoon sirriitti sukkumaa.
    8. Harka keesaan biifa geengoo wal qabsiisuun sukkumaa.
    9. Bishaan sirriitti itti naquun hanaga samunaan gadhisuutti dhiiqadha.
    10. Fuula keesaan kan hindhiiqannee taanaan hanga harki keessan qoruutti wantoota biraa hintuttuqiinaa.
    11. Dhangala’oo funyaaniifi ija keessan keessatti jiran qubaan sirriitti qulqulleessa.
    12. Fuula keesaan guutumaa guututti samunaan sukkumaa.
    13. Bishaan fayyadamuun harkkafii fuula keessan sirriitti dhiiqadha.
    14. Harkaafi fuula keessan qilleensaan gogsaa.

Amma immoo kanatti ansuun, guca fayyaan maatii ittiin hordofamuu gabatee fakki Trakkoma mana barumsichaa fuula 15 irra jiruu banuun barattootaaf agarsiisa. Yookiin immoo isin gabatee gurraacha irratti gucicha barreessuun barattoonnii akka dabtara isanii irraatti galagalchan godha.Hata’uu malee, gafiiwwan gabatee irra jiran waa’ee muxannoo fayyaa maatii isaanii yaadachuu hanga danda’aniitti jecha jechaan garagalchuun isaan irraa hin eegamu. Itti ansuun barattoonnii waa’ee muxannoo dhiiqannaa harkaafi fuula maatii isaanii tilmaama keessa galchuun guucha to’annaa fayyaa maatii akka guutan itti himaa. Barattonii gucicha gara mana isaanii fudhachuun maatii isaanii waliin mari’achaa akka guutan gochuu ni dandeessu.

Uunka fayyaan itti hordoofamu

| La kk. | Safartuwwan ittiin hordoofamu | Eyyee /lakki |
|---|---|---|
| 1 | Miseensonni maatii yoo xiqaatee fuula isanii guyyaatti si'a lama nidhiiqatu | |
| 2 | Miseensonni maatii hundiinuu nyaata duraafi nyaataan booda harka isaanii nidhiiqatu | |
| 3 | Miseensonni maatii hundii mana fincaanii erga fayyadaman booda harka ni dhiqatu | |
| 4 | Yeroo warrii quxusuu harkaafi fuula isaanii dhiiqatan angafoonnii isaan gargaaru. | |

1. Rakkoon harkaafi fuula dhiiqachuu maatii waliin walqabate yoo jiraatee ibsaa------------------------------------------------------------------
2. Rakkoowwan ibsaman keessaa kan isin hiikuu dandeessan yoo jiraatee tokko filadhaa----------------------------------------------------------------

**Gocha 2**. Karoora raawwii qopheessuu (yeroo kenname: 25')

Uunka karoora raawwii armaan gadiitti dhiyaateef gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa mana barumsicha fuula 16 irra jiru banuun barattootatti agarsiisa; Itti aansuun, barattoonniis dabtara isaaniirratti habarreessan.

**Karoora raawwii:**

1. Rakkinichii maaliidhaa? (deebiin isaa uunka hordooffii fayyaa dhumarra jiru waliin tokko ta'uu qaba)-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
2. Kutaa keessaniitti gareedhaan mari'achuun yaada rakkoo kanaaf furmaata jatanii yaaddan barreessa------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
3. Gama yaada furmaata hojjira olchuun qaamni itti gaafatammummaa fudhachuu qabu eenyufaadha?(itti gaafatammummaa ekisteenshinii fayyaas akka hindaganne) -------------------------------------------------------------------------------------------------------
4. Gocha tokko tokkoof sagantaa gabatee ittiin raawwatamu qopheessaa (tokkoon tokkoon goochii kanaa yoom raawwatamaa?) ---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
5. Foyya'insiifi jijjiramnii eegamu maalii? ---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

⇘ Barattoonni guca raawwii karoorichaa dabtara isaaniirratti hahojjetani. Gaafiiwwan tokko tokkoof bakka deebiin itti kennamuu dhiisuu akka hindaganne.Barsiisaa, gaafiiwwan dhiyaatan irratti marii adeemsiisuun barattonii deebii isaa dabtara isaaniirratti habarreessan.Barsiisaa, barattoonni deebicha salphaatti akka garagalchan gabatee guraacha irratti barreessuu hindagatinaa.

Fiilannoowwan armaan gadii keessaa tokko filachuun hordofuu nidandeessuu.

- Filannoo tokkooffaa: Haala uunkaa hordoffii fayyaa maatiin, barattoonni daree rakko Kan waliin taasiisuu tokko fiilachuun karoora raawwii tokko qopheessuun dabtara isaaniirratti akka barreessaniifi gara mana isaaniitti deemanii hojjira akka olchan godha.

- Filannoo lamaffaa: Haala uunkaa hordoffii fayyaa maatiin, baraattoonni daree akka waliitti dhiyeenya naannoo mana jireenya isaanii yookiin haala rakko walfakkaataa ta'een gareen ramadaa. Garee gareedhaan karoora raawwii tokko tokko qopheessanii mana mana isaaniitti hojiira ha'olchan.Barattonii rakkooo walfakkaataa ta'e hinqaban taanaan rakko ijoo ta'e tokko adda baasuun karoora raawwii qopheessuu nidanda'u.
    - Gareewwan gurmii 1:5 hundeessuun nidanda'ama
    - Gareewwan gosa rakkoo walfakkaataa ta'e irratti hundaa'uun gurmeessuun nidanda'ama.

**Yaadannoo**: Deebiin ka'uumsi gocha karoora raawwii yoo hojjirra oluu rakkoowwan bu'uura harkaafi fuula dhiiqachuu maatii irratti mul'atan nihiikamu jadhamee amanama. Kanaafuu, barattoonni karoori maatii isaaniiratti torbee lamaaf akka raawwataniifi gabaasa torbee torbeen daree keesatti afaaniin akka dhiyeessan itti himaa.

⇳ Barsiisaa torbee lama ykn sadii dhufaniitti haala karoora kaa'aniin raawwachuuu isaanii tokkoon tokkoon baratootaa hordoffiifi deeggarsa godhaaf. Haaluma kanaan, kutaan barnoota afraffaa kana kan barsiistan waa'een dhiiqannaa harkaafi fuulli maatii irratti jijjiramniifi foyya'insi gammachisaan yoo argamee qofaa ta'uu qaba. Kun ta'u baanaan garuu, barattoota waliin mari'achuun gochaalee hojjira oluu danda'an akka haraatti karoorsuun barnooticha hojjiirra olchaa.

**Calaqqee:**

Karooricha erga hojjirra olchitan booda gaaffiiwwan armaan gadii baratoota gaafadhaa. Karoorichi irra caalaatti akka raawwatamuufi bu'aa qabeessa akka ta'u gochuu kan dandeessan biifa kamiinii? Jijjirama foyya'aa ta'an fiduuf gara fuula duraaf karoora gochaa kana biifa kamiin itti fayadamtuu? Muxannoon dhiiqannaa harkaafi fuula maatii keessanii gara fuula duraaf akka foyya'uu maal gochuutu isiniirraa eegama?

### 2.3.4. Kutaa Barnootaa 4: Mana Fincaanii Qopheessuufi Itti Fayyadamu

**Kaayyoon barnoota kanaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Barbaachisummaafi itti fayadama mana fincaanii ni'ibsu
2. Rakkoowwan maatii itti fayyadama mana fincaanii waliin walqabate jiru hiikuuf karoora raawwii niqopheessuu.

**Yaroon kenamee**: 40'

**Miidiyaa barnootichaa:**

1. Uunka fayyaan maatii ittiin hordofamu
2. Uunka karoora raawwii

**Barnootiicha siirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf ibsa agarsiisuu:** qabiyyee sirna barnoota kanaa sirna barnoota idilee waliin qindeessuuf yaada barnoota itti aanuu hordofuun barsiisuu nidandeessuu.

1. S/naann;-kitaaba baratаа s/naannoo kutaa 3ffaa boqonnaa tokkoo ''fayyaa maatii eguu'' jidhutu jira.Mata duree kana jalatti mata durreewwan xixiqoon gochaalee fayyaa maatii waliin walqabatan gochaalee qulqullina naannoo waliin walqabataan "dhukkuboota hirina qulqullinaan Umamanii'' argaaman keessaa tokko filachuun qindeessanii barsiisuun /dhiyeessuun nidanda'ama.
2. Kitaaba barnataa afaan Amaaraa :- kitaaba baratаа kutaa 3ffaa irratti 'faalama naannoo' fi 'jireenya fayyaleessaa' jadhantu jiira.Mata dureewwan kana jalatti gorsii dukkubsachuun rakkachuurraa durrsanii ofeeguu' kan jidhutu jira.gorsa kanaafi yaada barnooticha dhiyaatan irratti hundaa'uun qabiyyee barnootichaa qindeessanii barsisuun nidanda'ama

**Duuraa duuba**: - Qabiyyee barnoota kana keessatti gochaalee lamatu jiru

**Gocha 1.** Muxxanoo itti fayyadama mana fincaanii maatii ilaalchisee seeca'uu. (yeroo kenname: 15')

- Duraa duubaafi amaloota itti fayyadama mana fincaanii gabaasuun keessa deebi'aa.Barsiisaa yaada ibsa keessan ifaafi gabaabaa ta'u qaba.Yaadoota asiin gadiitti bal'inaan dhiyaatanii jeecha jeechaan barattootaaf Kan ibsaman osoo hintaane sochiin argarsiisaa.
- Manni fincaanii wantoota armaan gadiitti tarreeffaman offkeessatti guutuun yoo qabateedha.
    - Uraan bobaan itti seenuun aala Kan hinhiraanne taanaan.
    - Titiisonni akka uraan keessa hin seennee qadaaddii qabaachuu qaba
    - Qulquleessuuf Kan miija'a ta'e ta'u qaba.
    - Dheerinni mana fiincaanii yoo xiqqaate meetiira 1.75 ta'u qaba. Gama biraan manichi Kan sirriitti ijaarameefi itti fayyadamtootaaf mija'aa ta'u qaba.
    - Balbaalli mana fiincaanii wantoota naannoo irraa argamaniin hojjeetame qabaachuu qaba.
    - Qorqorroo Itti fayyadamtoota bokkaa fi aduuraa ittiisuu qabachuu qaba.
    - Jaliisi loolaan gara mana fincaaniitti akka hingallee ittisuu qabaachu qaba.
    - Bakka harki itti dhiiqatamu qabaachuu qaba.
    - Saamunaan yookiin daaraan harka ittiin dhiiqachuuf ta'u dhiyeenyaatti jiraachuu qaba.

Haala Itti fayyadama mana fincaanii irratti yaadota barbaachiisaa ta'an duraa dubaan eramaniiru.

1. Gara mana fincaanii deemu,
2. Maanii fincaanicha qadaada yoo qabaate isa banu
3. Uuraa mana fincaanii irratti sireessuun bobbaa keessatti busuu.
4. Erga qulqullaa'an booda wantoota qaama qulqulleessuuf fayyadan kan akka bishaan, waraqaafi kkf fayadamuu qaama ofii qulqulleesu.wantoonii qulqullinaaf fayadamnu qaama keenya kan hin minee ta'u qabu.
5. Manni fincanii yoo xuraa'ee qulqulleessitonni mana barumsichaa yookin Kan dhunfaa taanaan miseensonni maatichaa akka qulqulleessan gochuu.
6. Mana fincaani foolii akka hin qabaannee qaraqara uuraati daaraaitti naquun folii isaa balleesun nidanda'ama.
7. Uuraan mana fincaani qadaada yoo qabaatee itti qadaddu.
8. Harka ofii saamunaafi bishaaniin sirritti dhiiqachuu.

Kanatti ansuun uunka hordofii fayyaa maati armaan gadiiti dhiyaate gabatee guraacha irratti hojjachuun barattonii dabtara isaanirratti akka garagalchaan ajajaa.ykn fakkii saganta trakomaa mana barumsaichaa irra jiru gidgiddaarratti faniisaaf.Isa booda, barattoonni muxannoo itti fayadama mana fincaanii maatii isanii tilmaama keeasa galchuun uunka hordoffii fayyaa maatii akka guutan itti hima.Barattoonni uunkicha mariachuun guutu barbaadu taanaan gara manatt fudhaatanii deemuu nidanda'u.barattonii gaafiiwwan unkarratti jiran erga garaagalchani yaadachuun kan barreessan taanaan uunkicha jeecha jeechaan garagalchuun isaniirraa hin egamu.barattoonii muxannoo itti fayyadama mana fincaanii maati isaanii iftominaan akka guutan jajjabeessaa.

| Uunka hordoffii fayyaa | | |
|---|---|---|
| Lakk | Safartuu ittiin hordofamu | Eeyee/lakki |
| 1 | Mana keenyaatti mana fincaanii sirrii ta'e jira. | |
| 2 | Miseensonni maati hundii mana fincanii seeraan fayydamu | |
| 3 | Miseensonni maati hundii ta'usuma mana fincaanii alaatti hinfayyadamani | |
| 4 | Miseensonni maati hundii erga mana fincaanii fayyadaman booda harka isaanii nidhiqatu | |
| 5 | Yeroo itti fayyadama mana fincaanii angafoonnii quxusuu isaanii ni gargaaru. | |

1. Itti fayyadama mana fincaanii waliin walqabatee rakkoon maatii yoo jiraatee ibsaa-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
2. Rakkoowwan ibsaman keesaa isiin kan hikku dandeessan tokko filachuun karoora raawwii qopheessaa---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

**Gocha 2**. Karoora rawwii qopheesaa (yeroo kenname: 25')

Uunka Karoora raawwi kanatti ansee dhiyaate gabatee guuracha irratti barreessuun barattooni dabtara isaanii irratti akka garagalchan godhaa ykn sagantaa gabaatee fakkii tiraakoma mana barumsaa jiru daree keessa fanisaatii isaara akka garagalchan godha. Akkuma guba irrajiru ibsametti barattoonnii gaafiifi deebii uunkka iira jiru siritti yoo bareesanii akkasumas wa'ee muxxannoo fayyaa maatii isaanii siritti Kan hordofan tanaan uunkiicha garagalchuun isaanirraa hin egamu

## Karoora raawwii

1. Rakkoon isiin filtan maliidhaa? (deebiin gaafii kana deebii uunka hordoffii fayyaa dhuma jiru waliin tokko ta'u qaba)-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
2. Rakko eramaniif tarkanfii furmaata ta'udanda'u kan yaddan gareen mariiachuun ykn hiriyoota daree keessanii waliin mari'achuun deebii isaa asitti barreessaa-------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
3. Yadoota furmaata hojjiraa olchuuf itti gaafatamumaa kan qabu eenyuu? (Eenyuufaadha?) (itti gaafatamumaa eksteenshinii fayyaa akka hindaganne) ---------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
4. Gochaalee tokko tokkoof gabate sagantaa yeroo gochawaniif gabatee yaroo qopheesa (goochii tokkon tokkon yoom akka rawatamu) ------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------
5. Foya'iinsaafi jijjiramnii eegamuu malii-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

Uunka karoora raawwii gabatee fakkii sagantaa tiraakomaa keessa gaafiiwwan jiraniif bakka beebiin itti kennamu dhiisuun unkicha dabtara isaan irratti hagaradalchan. Barsiisaa, gaafilee dhiyaataniif gareen erga mari'atanii booda deebii isaa dabtara isaaniirratti habarreesani. Barattooni haala salphaa ta'een dabtara isaaniirratti akka garagalchaniif gabatee guraacha irratti barreessuu hin dagatinaa.

**Filannoo Tokko**:- haala uunka hordofii mattin barattonii rakkoo walinii kan ta'ee tokkoo hafilataniiti karoora rawii qopheesuun dabtaara isanii irratti erga galagalchanii booda gara mana isanii geesuun harawattanii.

**Filanoo Lama: -** haala uunka hordofii fayyaa maatii dhaan barattota daree hala waliti dhiyeena mana jireenya isanittin ykn wal fakkeenya rakko isanittin gareen qooda. Haala ramaddii isaaniitiin karoora raawwii tokko tokko qopheesuun mana isaaniitti hojjirra ha'olchani. Barattonii adeemasa kana yeroo hordofan rakkoon walfakkaataa ta'e hinqaban taanaan rakko ijoo ta'e tokko filachuun karoora raawwii qopheessuu nidanda'u.

- Gareewwan gurmii 1:5'n hundaa'u nidanda'u
- Gareewwan rakkoo walfakkatuun hunda'uu danda'u.

**Yaddanoo**: Gaffiilee ka'umsa karooa raawwiif deebbii ta'an yeroo hojjirra oolan rakkoowwan buura itti fayyadama mana fincaanii maatiirratti mul'atan nihiika jedhame amanama.Kanaafuu, barattoonni kaarooricha maatii isanii biiratti torbee lamaaf erga hojjira olchan booda haala raawwii isaa torbee torbeen gabaasaan daree keessatti akka dhiyeessan itti himaa.

Barsiisa torbee itti anu lamaafi sadii keesatti barattonii hala rawwii isanii karoora karoorsanii kan walsimu ta'u hordofuun gorsanii.Waanta'eeffiis, qabiyyee barnoota 5ffaa kana kan barsiistani haala barnoota taa'e irratti hundaa'uun itti fayyadama mana fincaanii maatii barattootaa irratti jijjiramniifi foyya'insi gammachisaa ta'e yoo mula'ate qofaa ta'u qaba. Kana ta'u baanaan garu keessa deebi'uun barattoota waliin mari'achuun karoora hojiirra oluu danda'uun barnooticha qabatamaa taasiisaa.

**Calaqqee**:

Kaaroricha erga hojjirra olchitan booda barattootaaf gaafiilee itti anuu gaafadha. Karoora raawwii kana irra caalaa bu'a qabeessaafi hojjirra olchuu kan danda'amu biifa kamiinii? Jijjirama foyya'aa ta'e fiduuf fuula duraaf kaaroricha haala kamiin hojirra olchituu? Maatiin keessan muxannoo itti fayyadama mana fincaanii irra caalaa akka foyeesaniif fuuladuraaf maaltu isiniirraa eegamaa?

### 2.3.5. Qabiyyee barnoota 5ffaa: Qulqullinna Naannoo

**Kaayyoon barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Toftaalee kosiin itti dhabamsiifamu erga baratanii booda gochicha guyyaa guyyaan qaama jireenya isaanii taasiisuu.
2. Hawaasni naannoo isaanii toftaalee muxannoo kosii itti dhabamsiisuu danda'u irratti foyya'insi akka dhufu nibarsiisuu

**Yaroon kenname**: 40'

**Miidiyaan Barnootaaf barbaachisuu:**

1. Guboo/kusaa kosii/ daree barnootaa keessa jiru
2. Boola kosii mana barumsa keessa jiru

**Barnootiicha siirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuuf ibsa agarsiisuu:** qabiyyee sirna barnoota kanaa sirna barnoota idilee waliin qindeessuuf yaada barnoota itti aanuu hordofuun barsiisuu nidandeessuu.

1. Saayinsii naannoo: Kitaaba barataa saayinsii naannoo kutaa 3ffaa boqonnaa tokko jalatti mata dureen "fayyaa maatii eeguu" jadhutu jira. Mata duree kana jalatti mata dureen xixiqqoon "gochaawleen eegumsa fayyaa maatii waliin wal fakkaatan", "gochaawwan eegumsa qulqullina naannoo waliin wal fakkaatan", "dhukoboota hanqiina qulqillinaan umaman" mata dureewwan kanneen keessaa gochaawwan eegumsa qulqullina naannoo waliin waliitti dhufu qindeessuun barumsicha dhiyeessuun nidanada'ama.
2. Kitaaba barataa Afaan Amaaraa kuta 3ffaa irratti "faalama naanoo", "jireenya fayyaaleessaa" dubbii jadhatu jiira mata dureewwan kana jalatti "dhukubsatanii rakkachuurraa dursanii of

eeguu” kan jedhutu jira.waanta’eefiis gorsa kanaaf yaada barnooticha dhiyaatan irratti hundaa’uun qabiyyee barnootichaa qindeessanii barsisuun nidanda’ama.

**Duuraa duuba:** Qabiyyee barnoota kana keessatti gochaalee lamatu jiiru

**Gocha 1.** Tooftaalee kosii dhabamsiisuun sirrii maaliif akka barbaachisu irratti marii gochuu (yeroo kenname: 10’)

- ✓ Barsiisa gaafii “maliif waa’ee dhabamsiisa kosiif dhiphanna?” jedhu irratti hundaa’uudhaan barattooni dandeettii xinxalluu isaani akka qabataan (gabbifatan) mariisisaa.
- ✓ Tooftaalee sirrii kosiin itti dhabamsiisuu barbachiiseef maaliif? Jedhanii gaafachuun marii egaluun nidanda’ama.Yeroo mariin adeemsiffamutti mata dureewwan armaan gadii of keessatti qabachuu isaanii mirkaneessa, sagaraan (bobbaan namaa) awwaalamuu baannan wal hormaata titiisaaf haal mijaawaa ni uuma. Titiisoonii yeroo baay’ee bakka kosiifi xuraawaatti akkasumas bobbaa namaa (sagaraa) iratti walhoru, akkasumas jirachuu barbaduu.Titisoonni jarmoota baatu, jarmoonii ammo dhukkuba Tiraakomaaf nusaaxilu, dhukkuba tirakoomaa yoo yaalamu baanne suuta suutaan jamiinaf saaxilamnaa. Yeroo marii, amaloota armaan gadii barattootaaf hubachiisuun barbachiisadha.
    - o Mana fincaanii seeran itti fayyadamuu
    - o Manii fincaanii (qulqullina) yoo hin jirannee bobbaa awaluu, kosii seeraa qabeessaan balleessuu (dhabamsiisuu)

**Gocha 2.** Mooraa mana barumsaa keessatti daawwii dirree gochuu (30’)

- ➢ Mana barumsaa keessatti baratoota bakka itti kosiin gatamu geessaa
- ➢ Daandii (karaa) keessan irratti bakka kosiin itti gatamuu qabuufi gatamuu hinqabne yaadachaa ykn hubachaa haadeeman.
- ➢ Mooraa mana barumsaa keessa bakka adda addaa deemuun ilaalaa.sochii gootan keessatti gaaffiiwwan kana gaafadhaa?
- ➢ Barsiifata gochaa gaarii kosiin itti dhabamsiisamu ilaaltanii?waan akkasii uummamuun kan danda’e maaliif
- ➢ Rakkoo itti kosiin dhabamsiifamu salphisuuf maal godhamuu akka qabamu.rakkoo salphisuuf maal hojjachuu akka qabnu.mana barumsaa keessatti itti gaafatamumamaan barattootaa maal ta’uu akka qabu.
- ➢ Gaaffiiwwan armaan olii dhiyyaatan tokkoon tokkoon isaa irratti daree keessatti mari’adha
- ➢ Gaaffiiwwan tokko tokkoo isaafii deebii barattoonni kennan gabatee gurraacha irratti haa barraa’u
- ➢ Yeroo marii barattoonni mana barumsaa keessatti hubatan rakkoo itti kosii dhabamsiisnu yaada furmaataa akka addaan baasan godha?
- ➢ Xumura irratti barattoonni mooraa mana barumsaa keessatti

Dhumarratti, Barattoonni rakkoowwan dallaa mana barumsa keessatti ilaalaniifi rakkoolee hiikuuf furmaata ta’u jedhanii yaada itti amanan qindeessuun gabaasa gumii (kilabii) tiraakomaa mana barumsichaaf haaqopheessan. Barataa gabaasicha guumiiif galchuu tokko fiilaa. Bakka bu’aan kun gabaasa gumii ittisa tiraakomaaf dhiyeessuuraan dabalatee itti gaafatamumma qulqullina kutaa kan to’atuufi hordofu ta’a.

**Calaqqee:**

A. Barsiisaa, Barattoonni haala unka armaan gadii keessatti ibsameen taateewwan qulqullina dhunfaafi kan naannoo isaanii akka madaalan taasisaa. Barattoonni haalaan akka ofmadaalan jajjaabeessaa. Yookiin deebii sirii hintanee kennu jettanii yoo tilmaamatani siirrummaa deebii isaanii karaa hiriyoota isaaniin mirkaneessuun nidanda’ama.

| Lakk | Safartuu ittiin of madaalan | Eyyee/miti |
|---|---|---|
| 1 | Mana barumsa keessatti kosii googa seeraan dhabamsiiftaa? | |
| 2 | Mana barumsa keessatti kosii dhangala'oo seeraan dhabamsiiftaa? | |
| 3 | Nannoo kee qulquleesuuf isaan biros ni jajjabeessitaa? | |
| 4 | Gabaasichii firii qabeessa turee? galma ga'eeraa? | |
| 5 | Gabaasichii qubsaa turee? | |

B. Barsiisaa barattoonii qabxilee unka keessatti jiru erga hojjetanii xumuranii booda gaaffilee armaan gadii gaafadhaa

- Gabaasicha kilabii (gumii) ittisa Tiraakoomaa mana barumsichaatiif yeroo dhiheessitan hojii bu'aa qabeessaa hawaasaa mana barumsaafi hawaasaa naannoo gammachiisuu hojjedheera jettee yaadaa? Yoo ta'u baatee Maliif?
- Gara fuula duraatti hojii maalii hojjechuun qaba jettee yaadaa?
- Maatiin kee qulqullina naannoo isaanii sirriitti akka itti fayyadaman hojii nama gammachiisuu hojeetameera jettanii yaadduu? Yoo ta'u baatee maliif?
- Maatiin kee qulqullina naannoo isaanii sirritti akka eeggatan gara fuula duraatti maal gochuu qabduu?

## 2.4. Karoora Barnootaa Kutaa 4ffaa

Akkuma beekamu barnoota yeroo darbee keessatti ibsameen tiraakomaan dhukkuba maatiifi hawaasa naannoo keessaa isa guddaadha. Haata'u malee tatamsa'insa tiraakomaa hir'isuuf yoo barbaachise hawaasa naannoo hirmaachiisuun murteessaadha. Qabiiyyee barnootaa kana keessatti qophiin barnootaa hirmaannaa hawaasa naannootiin mirkaneessuu akka danda'amu yaadameeti. Barattootni sochii hawaasni ittisa Tiraakoomaa irratti godhu jajjabeessuu ni danda'u.

### 2.4.1. Qabiyyee Barnoota Tokko: Mallattoo Tiraakomaa fi Ibsitoota Isaanii

**Kaayyoo barnooticha:** barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Mallatoolee dhukkuba tiraakomaafi miira isaanii addaan baasanii ni tarreessu
2. Namoota dhukkuba tiraakomaatiin qabaman gara dhaabbilee fayyaa akka deeman nitaasisu/ni gorsu.

**Yeroo kenname:** 40'

**Miidiyaa barnootaaf barbaachisan-**

1 .Gabatee fakkii sagantaan tiraakomaan mana barumsaa keessatti fakkii marsaa jireenya dhukkuba tiraakomaa agarsiisuu.

2. Daawwitii ifa dabarsuu danda'u yookiin Ampooliin yoo argame.

3. Gabtee fakkii sagantaan tiraakomaan mana barumsaa keessatti fakkii kutaalee ijaa garaa garaa kan agarsiisuu.

**Barnoota kana qabiyyee sirna barnootaa idilee waliin qindeessuuf yaada barnoota itti aanan hordofuun irra deebi'anii barsiisuun nidanda'ama**.

1. Kutaa barnootaa kana keesstti guutumaa guututti barnoota wal-fakkaatu jiraachuu baatullee barnoota kana sirna barnootaa idileen waliin qindeessuuf carraan dandeessissu nijira. Fakkeenya: barnoota saayinsii naannoo kutaa 4ffaa irratti mata duree "HIV/AIDS'n rakkoo hawaasa keenya isa guddaadha" jedhutu jira. Tiraakoomaanis rakkoo hawaasaa guddaa waan ta'eef mata-duree duraa waliin qindeeffamee dhiyaatuu ni danda'a.

2. Haaluma wal-fakkaatuun kitaaba barataa Afaan Amahaaraa irratti mata dureen "xiyeeffannaa miidhamtoota qaamaatiif laatamuu qabu" dubbbisini dhiyyaate tokko jira. Qaama miidhamtoota keessaa qaroo dhabeeyyiin isa tokko waan ta'eef dhukkuba sababa tiraakoomaatiin qaroo dhabeeyyii godhu kana barnoota idilee keessatti qindeessuun barsiisuun nidanda'ama.

**Duraa duubaa:** Qabiiyyee barnootaa kana keessatti gochaalee lamatu jiru

**Gocha 1.** Mallattoofi miira dhukkuba tiraakomaa irratti ibsa gochuu.

**Yeroo kenname**: 10'

Barsiisa maaloo waa'ee mallattoo fi miira dhukkuba tiraakoomaa ragaa armaan gadiitti jiru bu'uura godhachuun batatootaaf ibsa gabaabaa godhaa; yookiin immoo ogeessota fayyaa affeeruudhaan ibsa gabaabaa akka taasisan gochuun nidanda'ama. Ogeessonni fayyaa kan affeeraman yoo ta'e buufata fayyaa deemmun ogeessota fayyaa waliin dubbachuun qophii barbaachisaa ta'e gochuun isin irraa eeggama. Barumsicha kan isin gaggeessitan taanaan seenich biifa baacoon dhiyeessaa. Seenichi yeroo dhiyaatu gabtee fakkii sagantaan dhukkuba tiraakoomaan mana barumsaa keessatti fakkii marsaa jireenya dhukkuba tiraakomaa fuula19 irra jiru barattootatti agarsiisaa.

# Tiraakomaa

Tiraakoomaan jaarmoota xixiqqaa ijaan mul'achuu hindandeenyee kalmaadiyaa tiraakoomaatis kan jedhamu dhukkuba dhufudha. iji nama tokko jarmii kanaan yoo faalame irra caalaa dhukkuba olaanaafi miira hooksisuu itti uuma. Dabalataanis ija jarmoota yookiin baakteeriyaan faalaman qaroon ija isaanii nidiimata, dhangala'oon ijaafi funyaan keessaa ni dhufa. Qaroo ijaa isa keessatti dhita'aan niumama. Haaluma kanaan titiisoonni nama dhukkubsaataa harka hindhiqaneenfi uffanni isaa faalameerraa gara mana fayyaatti dadabarsu. Gosni tiraakoomaa sadarkaa kana jiru kun sadarkaa jalqabaa jedhama.

Namni tokko dhukkuba tiraakoomaatiif irra deddeebi'ee yoo saaxilame, qola ijaa gama keessaa jiru madeessuun godaannisa uuma. Haala kanaan qolli ijaa inni keessaa akka walitti suntuuru /kottoonfatu/ taasisaa. Waliti sunkura qolaijaa keessatti uumamuun baalleen ijaa akka gara keessaatti dacha'u taasisa. Sadarkaan kun sadarkaa baallee ija dacha'uu jedhama. Baallee ijaa gara keessatti dacha'uun qaroo ijaa isaa gara alaa ifa dabarsuu nisofa. (yaadanoo: barsiisaa maaloo yoo kan danda'amuu ta'e daawwiitii ifa dabarsuu yookiin anpooliitti fayyadamaati daawwiitich sofuun qaroon ijaa akkamitti akka miidhamu agarsiisaa. kana gochhuu hindandeessan taanaan gabtee fakkii sagantaan tiraakomaan mana barumsaa fuula 20 irratti fakkii qaroo ijaa essatti akka argamu barattootaatti agarsiisaa). Gara ija keessatti dhacha'uun baalleen ija irratti miidhaa geessissan haala salphaa ta'een tarsaasanii hodhuun sirreessuun nidanda'ama. Kana raawwachuu baannaan qaroon ijaa baallee ijaan irra deddeebi'ee waan riigamuuf suuta suutaan umurii guutuu qaroo dhabeeyyii nama taasiisaa.

**Gocha 2.** Yeroo marii 30'

Mallattooleefi miira dhukkuba tiraakooma armaan olitti ibsaman kanaan dura barattoota muudataniiru yoo ta'e gaafadha. Mallattoolee Kun isiniirratti yoo umaman maal gotuu jedhaati barttoota gaafadhaa. Mallattooleefi miirri dhukkuba tiraakomaa isaan irratti yoo mul'atan battalumatti dhaabbilee fayyaa naannoo isaanitti argamu deemuun akka yaalaman hubachisaa. Kana raawwachuu baannaan jarmoonni dhukkuba tiraakomaa haala salphaan hawaasa keessaa tamsa'uun gara namoota baay'ee daddarbuun dhukkubica hordofuufi to'achuuf rakkisaa ta'a.

Dhumarrattis jaamina ijaa sababa Tiraakomaatiin dhufu ittisuuf qulqullina fuulaa eegachuun tarsiimoo isa guddaa akka ta'e barattoota hubachiisaa. Dabalatee, namoota baalleen ijaa keessatti dacha'e, barattootni yoo isaan mudate, hatattamaan gara mana yaalaa ergan barattootatti himaa.

**Caalaqee:**

Barsiisaa: gaaffilee armaan gadiitti tarreefaman barattoota gaafachuun barattoonni mallattoolee dhukkuba tiraakomaa akka ibsa taasisaa. Guyyaa irraa gara guyyaati jireenya isaanii waliin akka wal simsiisan taasisaa.

- Dhukkuba tiraakomafi dhukkuboota ijaa biroon namootni rakkatan argitani beektuu?
- Dhukkuba tiraakoomaa fi dhukuba ijaa kan biiroon qabamtani beektuu?
- Dhukkubni ijaa yeroo isin dhukkubu miira maalitu isinitti dhagahama?
- Tiraakomaan keessumattuu baallee ijaa gara keessatti dhachaun namoota dararaman yoo agartan maal gootuu? Maaliif?

### 2.4.2. Qabiiyyee Barnoota Lama: Waldhaansa Tiraakoomaa

**Kayyoon barnootichaa:** barnoota kannaan booda barattoonni:-

1. Mallatoo fi miirii dhukkubni tiraakoomaa isaanii irratti yoo argamee garaa dhabbilee fayyaatti deemuuf nimurteessuu.

2. Tatamsa’ina dhukkuba tiraakomaa ittisuuf namoota dhukkubichaan qabaman garaa mana yaalaa akka deemanii tajaajjila argatan taasisuu.

**Yeroo kenname:** 40’

**Miidiyaa barnootaa barbaachisan-**

Gabateewwan fakkii sagantaan tiraakoomaa mana barnootaa keessatti argamtu irratti fakkii qaroo dhabeeyyii taatee yeroo isheen kadhatuu.

**Barnooticha barnoota idilee sirna barnootaa waliin qindeessuun kan dandeessisu kallatti agarsiisudha:** Qabiyyee barnoota kan sirna barnootaa idilee waliin qindeessuuf yaadoota armaan gadii hordofun ykn dabalataan barsiisuun ni danda’ama.

1. Saayinsii naannoo kutaa barnootaa kana keesstti guutummaa guututti barnoota wal-fakkaatu jirachu baatule carraan barnoota idileen sirna barnootaa waliin qindeessuun Kan dandeessisu jira. FKN barnoota saayinsii naannoo kutaa 4ffaa irratti mata duree “HIV/AIDSn rakkoo hawaasa keenya isa guddaadha” jedhu jira.

Tiraakomaan rakkoolee fayyaa hawaasummaa keenya isa guddaa waan ta’eef rakkoolee tokko tokkoo mata duree caqafame waliin walqabatee dhiyyachuuni danda’a ykn barnoota sayinsii naannoo kitaaba barataa kutaa 4ffaa boqonnaa 4 irratti mata duree ‘’walitti dhufeeyna fi duudha hawaasaa” jeedhu jira .faayidaa ummata keenyaa kan ta’e keessa tokko sonaalee mataa isaa fi kan biroof ofeegannoo gochuudha . Haatu malee mata duree kana fayyadamuun namoota dhukubsatan gara dhaabbilee fayyaa akka deeman gochuufi Carraa argametti barsiisuun ni danda’ama.

2 Afaan Amahaaraa: kitaaba barataa Afaan Amahaaraa kutaa Arfaffaa iratti mata duree ‘qaama miidhamtootaaf xiyyeeffnnoon kennamuu qaba jedhu’ dubbisni tokko jira.

Qaama miidhamtoota keessaa tokko qaroo dhabeeyyii waa’een ta’aniif. Jaaminsa ijaa sababa tiraakoomaatiin uummamuu kana sirna barnoota keesatti qindeessanii barsiisuun nidanda’ama. Haaluma kanaan qabiyyee barnoota darbeerraa itti ansuun barsiisuun nidanda’ama.

**Duraa duubaa:** kutaa barnoota kana keessatti gochaa lamatu jiru

**Gocha 1.** Mudannoo tarreessuu (yeroon kenname: 20’)

Barsiisaa: kanatti aansuun barattoonni mudannoo Ayyoo Muluu gadii fageenyaan dhaggeeffachuun fi xiinxaluun akka isaan irraa eeggamu itti himaa.Yeroo mudannichaa itti himatan gabattee fakkii sagantaa tiroomaan mana barumsichaa fuula 21 iraati jiru itti agarsiisaa

**Ayyoo /Harme/ Muluu**

Ayyoo Muluun maangudoo baadiyaa keessaatti jiraataniidha. Ayyoo Muluun yeroo daa’immummaa isaaniitti ija isaanii irraa deebi’uun waan dhukkubuuf dararamaa turan. Ijji isaaniis diimaachuurraa darbee dhangala’oon keessaa bahaa ture. Kanaan aalas hoksiisuurraa darbee isaan guuba ture. Yeroo miirri oksiisuufi guubuu itti dhaga’amu gara mana yaalaa deemuurraa ija isaanii harkaan sukkumaa oluu ture. Gocha kana raawwachuu isaaniitiin dhukkubbichi kan itti ugguu isaaniitti fakkaataa ture. Haata’u malee iji isaanii caalmaatti dhiita’aati Kan dhufeefi mirri hooksiisu itti cimaa deema ture. Yeroo qorichi ijaa namoota naannoo isaaniif duulaan hiiramuu Ayyoo Muluufis qorichi kun kenname ture.Haata’uyyuu malee namoonni waa’ee qorrichichi miidhaa akka qabu yaada dogoggoora ta’e waan itti hiimaniif qoricha kennameef fudhachuuf fedhii hinqaban ture. Ollaan waa’ee qorichiichaa yeroo isaan gaafatan sababa du’a haadha isaaniitin yeeroo hundaa waan boo’aniifi aaraa abiidda nyaata isaanii itti bilcheeffachuuf fayyadaman irraa uumamuun akka ta’e

yaadachaa qorrichicha akka hinfudhannee himaa turan. Umriin ayyoo muuluu dabalaa yoomuu dabalaa deemu balleen ija isaanii gara keessatti dacha’ee seenuu dhukuubba isaanii itti cimsee. Akkasuma ta’anii illee gara dhaabiilee fayyaa hin deemanii ture. Sabababuma kanaan dandeettin ilaaluu iji isaani suutaa suutaan xiqqaachaa waan dhufeef yeroo amma guutummaa guututti qaroo dhabeeyyii ta’ani jireenya kadhaa irratti bobba’ani argamu .

- Barsiisaa maaloo gaaffiiwwan armaan gadii fayyadamuun barattoota gidduutti mariin akka uumamu haala mijeessaa. Yeroo mariin gaggeeffamu barattoonni deebii dogongoraa kan deebisan taanaan gaaffii kallatti agarsiisuu gaafachuun gara deebii sirri ta’eetti akka dhufan isaan taasisaa.
- Mudannoo Kan irraa maal barattanii?
- Naannoo keessanitti Kan akka Ayyoo Muluu ta’e namoota biroo argitani beektuu?
- Isin osoo Ayyoo muluu taatanii qaroo dhabeeyyuummaa irraa of ittisuuf maal gootu turee?

  Gaaffii kanaaf deebii ta’uu Kan danda’an
- Dhangala’oo ija keessaa bahuufi titiisota ofirraa itisuuf fuula ofii dhiiqachuu,
- Diimaachuu ijaafi dhangala’oon ija keessaa bahu akka jalqabeetti gara dhaabbilee fayyaa deemuun tajaajila barbaachisaa ta’e argaachuu; yaalii isaa akka oggeessi fayyaan ajajeetti hordofuu,
- Yeroo qorichi hiiramu qoricha fudhatame seeraan itti fayyadamu,
- Booyichaafi aarrri ka’umsa dhukkuba tiraakoomaa miti.
- Baalleen ijaa gara ija keessaatti dacha’anii seennan tajaajila tarsaasanii hodhuu tolaan kennamu argachuun balleen ijaa gara duraan turaniitti deebisuu; miira dhukkubbichi akka itti hinfuufneefi dandeettiin ilaaluu akka hinuumamnee gochuu
- Kanneen armaan olitti tarreeffaman hundaa ollaa keenya barsiiuu qabna.

**Gochaa 2.** Yeroo marii (20’)

Akka mariidhaaf gargaaru jecha gaaffiilee armaan gadii barattoota gaafadhaa?

1. Ofii keessan dhukkuba tiraakomaa irraa of ittisuuf maal gootuu? Deebiin: kaneen qabxilee armaan olitti ibsaman waliin wal- fakkaachuu qabu?

2. Namooni dhukkuba tiraakoomaatiin rakkatan yoo argitan maal gootuu? Maaliif? Deebiiwwiin isaa:

I. Nama Ijji isaa/ishee kan diimatuufi dhangala’oon keessaa bahu yoo kan argittan taanaa gara dhaabbilee fayyaa deemanii akka olaanaman taasisaa .

II. Nama iji isaa/ishee baalleewwan gara keessaatti dacha’an yoo argitan karaa ogeessa eksteeshinii fayyaan galmaa’anii tajajila tola tarsaasanii hodhuu akka argatan godhaa .

- Barsiisaa mee baratootas ta’e ollaan keessan yeroo qorichaa tiraakoomaa duulaan kennamu seeraan fudhachuu akka qaban yaadachisaa. Qorichi kennamu kun miidhaa kan hin qabne ta’ u isaa hubachisaa.
- Qabxiiwwan ijoon armaan gadiiti jiran guutummaan guutuutti marii keessatti hammatamuu isaanii mirkaneessuun marii gaggeeffamu haalaan hogganaa.
- Dhukkubsatanii rakkachuun irraa dursanii of eegganoo gochuu.
- Dhukkuba tiraakoomatiin gidiramanii qaroo ija isaanii kan dhaban namoota bay’eetu jira. Harkaafi fuula keenyaa dhiqachunn akkasumas mana fincaanii seeraan itti fayyadamuun dhukkuba tiraakomaarraa of ittisuun nidanda’ama.
- Baranooticha xuumurudhaaf qabxiiwwan ijoo haala wallaansa dhukkuba tiraakomaa irra deebi’uun barattootaaf haa’ibsamuuf. Tokkon tokkon himootaa erga isin dubbatanii boodaa barattoonnis irra deebbi’anii akka dubbatan godhaa.

- Dursanii ittisuun dhukkubsatanii  yaalammurraa filatamaadha
- Qaroo dhabeeyyii ta'uu irra yaalamanii fayyuun filatamaadha
- Guyyaa guyyaan fuula koo nandhiqadha

**Calaqqee:**

Gaaffiilee armaan gadii barattota gaafadhaa

- Namoonni tokko tokkoo irra deddeebidhaanii bowuufi sababa araan  dhukkubni tiraakomaa uumamu danda'aa jedhanii dubbatu, Yaada kanaan waliigaltuu? Maaliif?
  Deebbii: Boo'ichaafi aarii ka'umsa dhukkubba tiraakoomaa sababa hinta'anii.
- Namoonni dhukkuba Tiraakoomaatin yeroo dararamanii/rakkatan tarkaanfiin fudhatamuu qabu malii?
- Deebbii:  Huda caalaa dhukkubicha dursaani ittisuun filatamaadha. Haata'u malee sababa dhukkubbichaan qaroo dhabeeyyii ta'uurraa olaanamanii fayyuun filatamaadha.

**Ammammoo faruu armaan gadii faarfadhaa:**

Ani dulluma keessa qaroodhabeeyii ta'uu hin barbaadu.
Qaroo dhabeeyyii akka hintane qulqullinaa mataa koon eeggadha.
Matakoo dhukkuba tiraakoomaa irraa of eeggachuuf qulqulinaa dhunfaa koo nan eeggadha
Yoomiyyuu qulqullinafi fayyummaa mataa koo nan eeggadha
Hin barbaadu (X2) qaroo dhabeeyyi ta'uu (X2)
Hin barbaadu (X2) qaroo dhabeeyyi ta'uu (X2)

### 2.4.3. Qabiyyee Barnoota Sadii: Unka Hordoffii Qulqullina Ofii  Eeggachuu

**Kayyoon barnootichaa:** Barnoota kanaan booda barattoonni-

1. Muxannoo qulqillina ofii eeguurratti ragaa qabachuuf unka qulqullina eguu jedhurratti hodofuun ni guutu.
2. Muxannoo qulqillina ofii eeguurratti ilaalcha isaan qaban ni'ibsu. Akkasumas ciminaafi hanqina isaanii addaan nibaasuuu.

**Yeroo kenname:** (40')

**Yaadannoo:** Branootichi hara'a eegalus kan inni xummuramu tarbeen booda dha.

**Miidiyaa barnootaaf barbaachisan:**

Unka hordooffii qulqullina eeggachuu

**Barnootichiaa sirna barnoota idilee mana barumsichaa waliin qindeessuuf kallatti agarsiisuu:** Qabiyyee barnoota kana sirna barnoota idilee waliin qindeessanii barsiisuun nidanda'ama.

1. Barnoota Saayinsii Naannoo: Haata'yyuu malee qabiyyeen barnootaa kun guutummaa guututti sirna barnoota idilee keessatti jiraachuu baatuus barnooticha sirna idilee waliin qindeessanii barsiisuuf carraan dandeessissu nijira. fkn: kitaaba  baratаа S/Naannoo kutaa 4ffaa boqonnaa afur irrati mata  dureen  "duudhaaleefi walitti dhufeeyna Hawaasummaa" kan jedhutu jira. Duudhinni inni faayidaan ummataa tokkooffaan ofiifi kanneen biroof  ofeeggannoo gochuudha.

2. Afaan Amahaaraa: kitaaba baratаа Afaan Amahaaraa kutaa 4ffaairatti  mata duree "Nannoo mana qulqulluu ta'e uumuu "jedhu Kan dhiyaate dubbisni tokko jira. Qabiyyee barnoota kana wal-maddii qabnii barsiisuu ni danda'u ykn immoo kitaaba barnoota kana keessatti qabiyyee barnoota yeroo darbeitti fufuun barsiisuu danda'u

**Duraa duubaa**: kutaan barnoota kun gocha tokko ofkeessaa qaba

**Gucha 1.** Muxannoo qulqillina ofii eeguurratti ragaa qabachuuf unka qulqullina eguu jedhurratti hodofuun ni guutu. (Yeroon kenname: 40')

- Duraan dursa barattoonni qulqillina dhuunfaa isaan eeggachuu fi muxannoo qaban ilaalchisee sagalee ykn yaada kennuu fi akka isaan irraa eeggamu hubachiisuu, kanatti dhaansuun uunkaa dhiyaate gabatee gurraacha irratti garagalchaa.
- Gabatee armaan gadiitti dhiyyaate gabatee guraacha irratti barreessa. Gaafilee gabateetti aananii argamanii barattoonni yeroo gaafataman gochichi kan raawwataman taanaan harka isaanii baasuun akka agarsiisan haa'ibsamuuf; Tokkoon tokkoon gaaffiiwwaan dhiyaataniif baay'inni barattootaa harka baasan guca qophaa'e keessatti haabarreesffamu.

| Gaaffilee | Baay'ina barattoota gaaffichaaf sagalee kennanii |
|---|---|
| A | |
| B | |
| C | |
| D | |
| E | |

A/ Erga mana fincaaniiti deebitanii booda harka keessan meeqan keessantu dhiqataa?

B/ Bishaan qofaa fayyadamuun harkaafi fuula keessan meeqan keessantu dhiqataa?

C/ harka keessan kenneen fuula akka saamunaa, daaraan wantoota qulqullinaaf ta'an naannoorraa argamanii fi bishaan fayyadamuun meeqan keessantu dhiqataa?

D/ Harka keessan yeroo dhiqattanii meeqan keessantuu sekoondii 20 sukkumtuu?

E/ Meeqan keessantu kosii dhabamsiisuuf muxannoo seeran qabeesan ta'e olchituu?

Barsiisaa: gocaalee armaan oliitti eraga sagaleen kannaeen raawwate booda bu'aa isaairraatti yaada waliigala kennaa.

- Ibsa gabaabaa fi sochii mulatu fayyadamuuadeemsa dhiqachuu fuulaafi harkaa seera qabeessa ta'en gabaabsuun barattootaaf keessa deeb'iaaf.
- Barattoonni adeemsa dhiqachuu fuula, harkaa jechaa jechaan qabachuun isaan irraa hin eeggamu.Garuu barattoonni adeemsa tokkoon tokkoon isaa jechaa mataa isaanniin ibsu danda'u.

1. Bishaan bonbaa qodaa harkaa dhiqachuuf qophee'e keessaa bu'uun harka jisuu.
2. Duraa duuba armaan gadii tarreeffamanii harka samunaatiin sekoondii 20. Sukuumuu.

**Duraa duuba harkadhiqannaa**

1. Kutaa qaamaa harka hundaa saamunaa dibuufi omacha /kobaa/isaa isaatiinis sukkumu.
2. Barruulee lamaan sirriitti walitti sukkumu.
3. Harka dubaa isaa tokko baruu harka isa biro waljijjiruun sukkumu,
4. Quboota harka keessanii walkeessan galchuun Barruu harka walii walitti sukkumaa.

5. Dugda duuba quba hark tokkoo Barruu harka Barruu biroon walkeessan galchuun sukkumaa.
6. Quba harka keessanii tokkoo faallaa barruu harkaa biroo isa geengoo waliin walitti sukkuumuuma.
7. Quba harkaa keessanii tokkoo barruu harkaa biroo isaa geengoo waliin waliiti cimsuun sukkuumuu.
8. Hanga saamunaan gadii dhisuutti /irraa bahutti / bishaaniin sirritti dhiqachuu.
9. Harkaa keessan Waan tokko osoo hin tuqiin dura guutummaa guutuutti qoorffachuu

**Duraa duuba dhiqannaa fuulaa**

1. Dhangala'oo funyaaniifi ija keessan keessatti jiran qubaan sirriitti qulqulleessa
2. Fuula keesaan guutumaa guututti samunaan sukkumaa.
3. Bishaan fayyadamuun harkkafii fuula keessan sirriitti dhiiqadha.
4. Harkaafi fuula keessan qilleensaan gogsaa.

Adeemsa qulqillina harkaa fi fuula egsiisuu ilaalchisee Kan akka saamunaa, daaraa/harkaaf qofa/ fi kanneen biroo wantoota k.k.f fi bishaaniin sirriitti dhiqachuu barattootaaf keessaa deebi'aa.

- Barattoonni torbee kana keessatti unka hordoffii qulqullina akka guutan itti hiimaa. Barattoonni yeroo unkicha guutan gochaawwan unka keessatti ibsani yookan raawwatan ta'e fuuldura isaatti mallattoo (*) kana akka godhan hubachisaa. Barattoonni unka hordooffii qulqullina torbee tokko keessatti xummuranii guutuun barbrsiisaaf deebisan isaaniiraa eegama.
- Barattoonni gaafilee dhuma unkichaa irratti argaman deebisun qabu
- Barattoonni isaa armaan gaditti dhiyyaatan ykn gabateewwan fakkii sagantaawwan tiraakoomaa mana barumsaa keessatti fuula 22 irratti argamu dabtara isaaniirratti of eeggannoon akka galagalchan godhaa. Unka hordoffii qulqullinaa guutaa guutaan torbee tokkoof guutuun akka isaanii irra eegamu yaadachiisaa.

## Unka hordoffii qulqullina itti egamu

Maqaa barataa -----------------------------------------guyyaa ------------------------

Qajeelfama: Gochaawwan caqfaman akka raawwatteen guyyoota safartoolee kaa'aman fuulduraatti mallattoo kana (*)haagodhan

| | *Wiixata* | *Kibxata* | *Roobii* | *Kamisa* | *Jimmata* | *Sanbata* | *Dilbata* |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Ganama fuula dhiqachuu | | | | | | | |
| Erga mana fincaanii fayyadamaan booda yeroo hundaa harka dhiqachuu | | | | | | | |
| Osoo hin nyaatiin dura harka dhiqachuu | | | | | | | |
| Galgala galgala fuula dhiqachuu | | | | | | | |
| Yeroo harkaafi fuula dhiqatan saamunaafi kanneen walfakkaataa ta'aniitti fayyadamuu | | | | | | | |
| Yeroo dhiqannaa harkaa sakoondii 20'f saamunaan sukkumuu | | | | | | | |
| Yeroo barbaachisaa ta'eetti mana fincaanii fayyadamu | | | | | | | |
| Qulqullina huccuu /uffata ofii eegachuu ykn uffata qulquluu uffachuu | | | | | | | |

## Unka hordoffii qulqullina itti egamu

Maqaa baratаa ----------------------------------------guyyaa ------------------------

Qajeelfama: Gochaawwan caqfaman  akka raawwatteen guyyoota safartoolee kaa’aman fuulduraatti  mallattoo kana (*)haagodhan

| | *Wiixata* | *Kibxata* | *Roobii* | *Kamisa* | *Jimmata* | *Sanbata* | *Dilbata* |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Kosii gogaafi xuriiwwan dhangal’oo  haala seera qabeessa ta’een  dhabamsiisuu | | | | | | | |
| Harka ,fuulafi huccuuisaanii isaanii akka  miiccatan namoota biroo jajjabeessuu | | | | | | | |
| Mana fincaanii haala seera qabeessan namoota biroo jajjabeessu | | | | | | | |
| Kosii gogaa fi xuriiwwaan dhangala’oo haala seera qabeessan akka dhabamsiisan namoota biroo jajjabeessuu | | | | | | | |

Gaaffiilee armaan gadiif deebii kennii:

Qulqullina ofii eeggachuu ilaalchisee maal barattee?---------------------------------------------------------------------------------------------------
----------------------------------------------------------

Gara fuula  duraaf wantoota fooyyeessuu qabdu maal faadha? ________________________________________________

- Xummura torbaan irratti unka hordoffii qulqullinaa barattoota irraa sassaabaa. Ammammoo barattoota gareen gurmeessuun gaaffiilee armaan gadii ibsaman akka deebisan godhaa. Sanaan dura garuu gaaffiicha gabatee gurraacha irratti barreessuun barbaachisaadha.
  A. Unkii hordoffii qulqullinaa ittiin eeggamuu barbaachisaa ture?
  B. Waa'ee dandeettii qulqullina eeggachuu irraa maal barattanii? Gochaalee haala gaariin raawwatanii jiraa? Maalfaadha? Gochai irra caalaatti hojechuu qabna kan jettan jiraa? Isaaniis maalfaadha?
  C. Dandeetti qulqullina ofii sirriitti eeggachuun faayidaa maalii qabaa?
  D. Dandeetti barsiifata qulqullina ofii sirriitti eeggachuurratti ergaa namoota biroof dabarsuun faayidaa maalii qaba?

Gaaffiiwwan tarreeffaman irratti barattoonni gareen akka marii'ataniif daqiiqaa 15 hanga 20tti kennaaf. Barattoonni waa'ee barsiifata/muxannoo/ qulqullina ofii eegachuurratti kan argatan barattoota biroof dabarsuurratti kan fedhii qaban yoo jiraatan muxannoo isaanii akka dabarsan isaan gaafadhaa. Qulqullina ofii haala gaarii ta'een eeggachuuf harka, fuulaa fi uffata isaani sirriin miccachuu, erga mana fincaanii fayyadamanii booda harka isaanii saamunaa fi bishaaniin daqiiqaachuu.yoo xiqqaate sekondii 20' akka sukkuumuu qaban barattoota yaadachiisaa.

**Calaqqee:**

Barattoonii Unka hordoffii qulqullina gutamee tokko tokkoo isaa barattoota irraa sassaabame gadi fageenyaan madaaluun barattootaaf deebisaa. Xumura irratti ji'a tokkoof ykn lamaaf itti aannutti guca hordoffii qulqullinaa itti fayyadaman adeemsa fooyyessuu qaban cimanii akka itti fufuu qaban jajjabeessaa.

# 3. Boqonnaa Sadii: Gumii Tiraakoomaa

Dukkuba tiraakoomaa akuma qabiyyee sirna barnootaa kana keessatti ibsametti rakkoowwan fayyaa hawaasa biyyaa keenya isa ijoodha. Dhukkuba tiraakoomaa ittisuufi/ to'achuuf/ tokkon tokkoon hawaasa hirmaachisuudhan fkn gumii tiraakoomaa/ barnoota wal-maddiin/ akka walgahu gochuudha. Sababni gumiileen mana barumsaa keessatti hundeeffamun barbaachiseef sirna barnoota idilee waliin gochaaleen raawwatamuu danda'anfi barnoota daree keessatti kennamu qabatamaan akka gabbifatanifidha.Akkasumas barnoonnii wal-maddiin kan jireenya hawaasummaa dhugaa ta'ee fi qabatamaa isaan taasisa. Kitaaba barataa kutaa sadaffaa kana keessatti gumii tiraakoomaa akkamiitti akka raawwachuu danda'an dabalataan kan of keessatti qabatedha.

## 3.1. Gumii Tiraakoomaa

Gumiin Tiraakoomaa mana barumsaa keessati dhaabamu "Gumii Tiraakoomaa" ykn "Gumii WASH" (gumii qulqullinna naannoo fi dhuunfaa) jedhamee waamamuu ni danda'a.

Gumii tiraakoomaa jechuun manneen barnootaa keessatti barattootaa fi barsiisonni miseensummaan Kan of keessatti hammate yoo ta'u waa'ee qulqullina naannoo fi dhuunfaa akkasumas sababa tiraakoomaan jaaminni ijaa dhufuu fi bakka tokkotti walitti qabamanii waa'ee ofii isaanis ta'e waa'ee hawaasa naannoo irratti dhibbaa gaarii inni fiduu muxannoo itti waljijjiiranidha. Waa'ee tiraakoomaa manakeessatti, maatii fi akkasumas uummata bal'aa keessatti hubannoo gaarii akka horatan taasisaa.

### 3.1.1. Gochaalee Raawwatamuu Danda'an:

Gumiin tiraakoomaa barattoonii fi hawaasii /uummata/ bal'aa keessatti akkaattaa dhiqana harkaa fi fuula, itti fayyadama mana fincaanii fi qulqullina dhufuufi kkf hubannoo gaarii akka qabatan taasisaa. Sababa dhukkuba tiraakoomaatiin dhufuu keessa jaaminni ijaa isa tokko waan ta'eef kana galmaan gahuuf gumiileen garaagaraa gahee olaanaa taphatan isaan irraa eegama.

## **Gochaawwan mana barumsaa keessatti hojjetaman**:

1. Mana barumsichaa keessatti Kabaja sirna alaabaa irratti torbanitti yeroo tokko qulqullina waliigalaa hordoffi taasisuu. Daree barnootaa keessatti immoo guyyaa guyyaan qulqullina dhuunfaa eegachuu isaani hordoffi gochuu .Barattooni harki fi fuulli isaanii qulqullina hin qabne yoo jiraatan saamunaa fi bishaaniin akka isaan dhiqatan ajaja kennuu.
2. Hawaasni waliigala mana barumsichaa barsiisaa, barattoota fi hojjettoota mootummaa mana barumsaa fi naannoo mana jireenya isaanii irratti duula hojii qulqullinaa adeemsisuu. Barattoonni akka barbaachisummaa isaatti kosii bakka tokkotti kuusanii akka gubanii fi awwaalan gochuu
3. Mana barumsaa keessaa boonbaan bishaanii hin jiru yoo ta'e barattoonni sagantaa dhaabbataa ta'en bishaan mana isaanitti fiddan akka dhufaan gochuu**.**
4. Adeemsa qulqulina mana fincaanii mana barumsichaa egumsaafi hordoffii gochuuf haala mijjeessu.

Rakko itti fayadama mana fincanii barattoota kutaa 1-4 jiraniif adda baasuu.Mana jireenya isaaniitti mana fincanii umurii isanii bu'ureefateefi gahaa ta'e akka qabaatan jajjabeessuu. Mannii fincanii mana barumsiicha wantoota armaan gadii gutachuu isaa mirkaneessuu.

- Uuraan ittiin bobba'uuf faayidaarra oluun aalatti uuraa kan biraajiraachuu hinqabu.
- Titiisnii gara bolaatti akka hingallee qadaada qabaachuu qaba.
- Mana fincaanicha dhiquufi qulquleesuuf kan mijaa'e ta'u qaba.
- Dheerinni gidgiddaan mana fincaanichaas tajaajilamtootaaf mijaataa (yoo xiqqaate 1.75metira) fi namoota biroof kan hinsaxilamnee ta'u qaba.
- Manni fincaanichi balbala wantoota naannoorraa argamaniin hojjetamee qabaachuu qaba.
- Qorqorroo/uwwiisa aduufi bookaa irraa ittiisu qabaachuu qaba.

- Manni fincaanii jallisii bishaniifi kosiin gara keessatti akka hingalee ittiissu qabaachuu qaba.
- Eddoon harki itti dhiqatamuufi bishaan qabaachuu qaba.
- Samunaafi kaneen harki itti dhiqatamu kan akka daara fi kkf qabaachuu qaba. Namooniis erga mana fincaanii fayyadaman booda harka isaanii dhiqatanii deemuu qabu.

5. Gabaasa waa'ee eegumsa qulqullina mana barumsaa waliigalaa barattoota biroo irraa fudhuun barbaachisaadha. Barattoonnii rakkolee gabaasa isaaniitin dhiyeesan tarreessuun karoora rawwii eegumsa qulqullina mana barumsaa foyyeessuun nibarbaachisa. Unka gocha raawwii kitaaba qajeelchaa keessatti kanaandura dhiyaatee fayyadamuun nidandaama.
6. Mini miidiyaa mana baruumsa fayyadamuun wa'ee sochii gumii keessanii wal beeksisaa. Itti aansuuniis mini midiyaa kana wa'ee dhuukuba tiraakomaa qoofa ergaa dabarsuuf itti fayyadamaa.
7. Waa'ee fayyaa, keesuumattu wa'ee dhukkuba tiraakomaa ilaalchisee diraamaa, fakkeessanii taphachuu (Role Play), faarfannaa akkasuumas sagantaawwan gaafiifi deebii qopheesuun barattootaaf, barsiisotaafi hawaasa naannoo mana barumsaaf dhiyeessuu. Mana baruumsa keessatti guyyaan ayyaana maatii (Fakkeenyaaf guyyaa harka dhiqachuu, guyyaa ayyana maatii fi kkf) yeroo kabajamu maatiin barattootaa affeeramuu isaanii mirkaneessuun qophicha dhiyeessuu.
8. Hojjettoota ekisteenshinii fayyaafi ogeessota fayyaa gara mana barumsaatti akka dhufan afeeruun wa'ee egumsa qulqullina naannoo, qulqullina dhunfaafi waa'ee dhiimmota tiraakomaa ergaa akka dabarsan haala mijeessu. Ergaan kun miseensota gumichaaf, hawaasa mana barumsaafi barattoota hundaaf darbu danda'a. Erga kana dabarsuuf eeyyama I/G/Mana barumsaafi qaama dhimmichi ilaallatuurraa eeyyama argachuun dirqama dha. Dhumarrattiis, ekisteenshinii fayyaa ykn ogeessa fayyaa ergicha dabarseef, gumiin Tiraakoomaa faayidaalee ergicha irraa argatan tarreessuun xalayaa galataa barreessuun (laachuun) barbaachisaa dha.
9. Gumichaaf gabatee beeksiisaa qopheessuun waa'ee gumichaafi hojjiwwan gumichii rawwachuu qabu walbeeksisu. Gama gumiicha walbeeksiisuun bu'aa qabeessa ta'uufi beeksiisota gabatee beeksiisaa irratti maxxanfaman kan yaroo gochuun barbaachisaadha. Haluma Kanaan hojjiiwwan haara gumiichaan raawwataman, ibsa walgah'ii fi kkf yaroo hunda maxansuun barbaachisaadha.
10. Mana kitaabaa gumichaa mijeessuun gocha isa tokkodha. ergaawwan gagabaaboo, kitaabot aadda addaa (ibsa suura qabuu osoo ta'ee nifilatama) girgijii (madarderiiya) mana kitaaba keessatti gurmeessanii kaa'uun barbaachisaadha. Kitaaboota adda addaa, gazeexaa, bareefamoota gagbaaboo fi kkf waliitti qabuun hawaasa mana barumsaaf ergiisaan kennuun oddeefanoo akk aargatan gochun. Dabalataanis kan akka fakkiiwwaan sochaa fi "filmii" waraabbii sagalee meeshaa fakkiin, suurawaan gumiichaaf faayiida kennan kaasuun barreefama suuricha irraatti bareessuun gabatee beeksiisaa irratti maxxansuun barbaachisaadha. Ragaawaan sagalee fi fakkii (Filmii) gatiin isaanii jabaa waan ta'eef of eeggannoon qabachuun barabaachisaa ta'u isaa hubachuun barbaachisaadha.
11. Goldurii mana kitaabaa hundeessuun hojjiiwwan gumii agarsiisu. Daree barootaa tokko keessati ibsawwan fakkii kan akka suura, beeksiisota (postaroota) fakkiiwwan nama bashanaansiisaan qopheessuun bakka barattonii fi barsiisonnii ilaalu danda'aniitti kaa'uu. Fakkiiwwan ilaalamuuf taa'an kutaa keessa baasaniif udhachuun akka hin dandaa'amne itti himaa.
12. Waldorgoomii gumii Tirakoomaa mana baruumsaa fi gumii tiraakoomaa manneen barnootaa dhiyeenyatti argaman waliin waldorgomii adda addaa gaggeessu, ulaaga mana baruumsa baay'ee qulquliina qabu, mana baruumsa kurmaana keesatti yeroo baay'eef qulqullina kan adeemsiisee jachuun waldorgoomii demsiisuun ni danda'ama. Ykn gaafii fi deebii qopheesuun gumii gaafii gutumaa gutuutti kan deebisee, baay'inaan kan deebisee jechuun akka safartuuti fudhachuun waldorgoomsiisuun ni danda'ama. Dorgoomiwwaan adda addaa

umuun gumiiwwaan gidduu fi miseensoota gumii giduutti miira hirmanaa fi waldorgoomii umuun gocha jajabeesa dha.

13. Miseensa gumiif ykn nama dhunfaa tokkoof dhimiicha iratti mata duree tokkoo kenuun qo'annoo fi qorannoo akka gegeesan gochuuf firii isaas miseensoota gumiicha biro fi mariif dhiheesuun sochii gumiicha jajabeesuun ni barbaachiisaa.
14. Waa'ee dhukkuba tiraakoomaa qulqullina naannoofi eegumsaa fayyaa taphoota qindeesuu.Fakkeenyaaf tapha ari'aa fi arii'amaa "Tittisni kan irra qubate/irratti argamtee eenyu?" tapha jedhu taphachuuf barattooni lama ni eegalu.(ari'aa fi arii'amaa) tahun tapha wal fiigsu kanaan kan irratti gahame mallattoo addaa barataa irra godhame fuula isaa irratti tittisni akka qubatte/ akka irratti argame lakka'uun bakka jiruuti akka dhaabbatu fi hirmaataan taphichaa (arii'aa fi arii'amaan ala kan ta'e) fakkeenyaan ykn yoo dandahame saamunaa dhugaa fi bishaan fiduudhaan ari'uudhaan kan irra gahame (tittisni fuula isaa irratti akka qubatee kan lakka'ame) fuula isaa akka dhiqu ni godhama.Yeroo taphaa daqiiqaa (20 hanga 30) barattooni hundi arii'aa  fi arii'amaadhaan  kan irra gahameen tittisitiin akka mohaateeti ni lakka'ama.Garuu yeroo taphichaa barattooni tittisni isaan irra qubate kan hin jirre yoo ta'e ykn yoo xiqqoo ta'an barattooni akka mohataniti lakkahama.Arii'aa fi arii'amaa (gahee tittisaafi barataa) barattoota taphatan gahee isaani jijjiiruun tapha marsa duraa waliin dorgoomsiisuun  qabxii isaa ilaaluun ni danda'ama.

**Gocha mana barumsaan alatti raawwatamu:**

1. Qulqullina naannoo fi qo'annoo eegumsa qulquulina waliin wal qabate ragaan dhugaa bakka argamu danda'uti (fkn buufata fayyaati yaala dhukkuuba tiraakoomaa godhamuuf ykn yaalii baqaqsani hodhuu nyaara ijaa namoota godhamaafi jiru,bakka qulqullina naannoo gaarii ta'e fi kkf ) do'ii barnootaa gochuu ykn deemu ykn immoo namoota naannicha beekan irraa raga sassaabun irra jira.Kunis miseensi garee kan biro do'ii kana irraa maal barachuu akka danda'an karoorsuun ni danda'ama.Dabalataanis maal arguu akka dandeenyu namoota ibsa kennu dana'an afeeruun barbaachisaa dha.
2. Mana fincaanii akkamiin hojjechuu akka dandahamu hawaasicha barsiisuu.Mana barumsaa keessanitti mana fincaanii moodeela ta'e maal akka fakkaatu hawaasichaati agarsiisuu. Marii hawaasni irratti hirmaatu qopheesuu dandeesu.
3. Hawaasni bakka itti wal gahuuti (bakka uquubii, bakka qiree fi qophii buna dhugaa irrati) fuula isaani eegachuu akka qaban barsiisuu.
4. Barattooni gareen kan hojjetan ykn hojjechuu kan danda'an irrajirreessa mana barumsaati ykn naannoo mana barumsaati dhukkubni tiraakoomaa maal akka fakkatu piroojektii xiqqoo qopheesuun akka wal barsiisan gochu,ykn qaroodhabeyyii naannoo barattooni jiraatan deegaruuf,hawaasa naannichaa keessatti rakkoo qulqullina waliin wal qabate uumamu hiikuf fi kkfif piroojektii xiqqoo qindeesuun akka baratan gochuun ni danda'ama.
5. Barattoonni umriin guddaa ta'an namoonni sababa baallee /rifeensi/ ija isaanii gara keessatti dacha'e biqiiluun dhukkuba tiraakomaaf saaxilaman adda baasuun ogeessota ekisteenshinii fayyaa waliin walqunnamsiisuun akka gargaarsa argatan gochuun barbaachisaadha. Rifeensi/ Baalleen ijaa gara keessatti irra deddeeb'uun dacha'ee kan biqiilu baakteeriyaa/jarmii tiraakomaatas jedhamuun hubamudha. Dhukkubsatichi irra deddeebi'ee ija isaa yoomu dununfatuufi banatu (liphsatu) rifeensii gara keessatti biqiilee kutaa ija korniyaa /qaroo ijaa/ jedhamu yeroo riguutti kan umamudha.
6. Hojjetoottaa mana barumsichaa dhiimma fayyaarratti mari'achuuf kan feedhii addaa qaban yookiin namoota dhaabbata biroorraa afeeruun dhiimma fayyaarratti hasawaa akka taasisan carraa laadhaa. Ogeessota fayyaa dhukkuba toraakomaarratti leenjii addaa fudhata afeeruun nidanad'ama. Namoota dhaabbilee dhiimmi kun isaan ilaallatu keessaa afeeruun waa'ee hojii hojjetan irratti akka hasawaa taasisan gochuun nidanda'ama.

7. Dhaabbata fayyaa yookiin miti mootummaa kanneen akka kaartar irraa filmoota yookiin ragaawwan sagaleefi surraa qaban ergifachuun hawaasa naannoo mana barumsichaatti argamaniif agarsiisuun nidanda’ama.
8. Kutaa waltajjii itti gaggeeffamuutti sanduqa yaadaa kaa’uun yookiin gabatee beeksiisni itti maxxanfamu fayyadamuun hawaasni naannichaa akka gaafii gaafatan jajjabeessaa. Gaaffii gaafatamees ta’e deebii kenname gabatee beeksiisaarratti maxxansaa.
9. Egzibiishinii miseensa gumichaan yookiin keessummaa affeerameen dhiyaatu, barumsii yookiin hasofni yeroo jiraatu waldorgommiifi diraamaa qopheessanii dhiyeessuun nidanda’ama.
10. Maxxansa gumichaa yooxiqaate seemisteeraan si’a tokkoo qopheessu. Maxxansa kana keessatti kanneen akka wolaloo, gochaawwan gumichaa, barreeffamoota harkisaa ta’aniifi seenaalee adda addaa qopheessuun akka dhiyaatu gochuufi namoonni kaan akka irraa baratan raabsuun nidanda’ama.
11. Miseensonni gumichaa hojiiwwan og-barruu kanneen wixinee fakkii kaasuun, suraa kaasuun, wolaloo qopheessuun, faaruu qopheessuun, barulee gaggabaabaa dhiyeessuun namoonni biiroon waa’ee gochaawwan gumichaan hubachuun akka feedhii qabaataniifi keessatti hirmaachuun gahee isaanii akka bahan gochuurraa darbee hojilee og-barruu gurguruun galii gumiicha deeggaru sassaabbachuuf fayyada.
12. Kabaja ayyaanota ummataa, kanneen akka ayyaana aadaafi ayyaana amantaa; fakkeenyaaf, ayyaana Arafaa, ayyaana Qillee, ayyaana Moolidaa, ayyaana Cuphaa, ayyaana Irreechaa, ayyaana Shaaday,ayyaana Masqalaafi kkf irratti argamuun ummanni ayyaanota kanarraa maala akka fayyadaman namoota gurguddoofi abbootii amantaa gaafachuun cinaatti waa’ee itti fayyadama mana fincaanii, qulqullina naannoofi qulqullina dhunfaa eggachuu ilaalchisee ummata ayyaanicharratti argaman barsiisuun nidanda’ama. Ummatichi yeroo ayyaanota kana kabajaniitti naannoon isaanii akka hinxuraane ofeeggannoo gochuufi mana fincaaniitti qofa akka fayyadaman barsiisuun nibarbaachisa.
13. Waa’ee fayyaaf keessumatu waa’ee dhukkuba tiraakomaa addumatti wantoota beekamuu qaban qabxii ijoo ykn qabatamaan gahee tabachuun/dirama/. Dhiyyeessuudha. Qabxii ijoofiwaan hubachuuqaban bifa gahee tabachuun diramaan barsiisootaaf, hojjettoota bulchiinsaa fi barattootaa akkasumas namoota naannoo Sana jiraatan hundaaf /kamiifuu/ qophicha irratti argamuun akka hordofan gochuun barbaachisaadha

### 3.1.2. Miseensa Gumii Tiraakomaa Ta’uu Isaanii

Sadarkaa barnootaa kutaa hundaa keessatti baratooni hundi miseensa gumichaa ta’u danda’u kunis saalan umuriinfi sababoota birootiif garaa garummaan tokko osoo hin jiraatiin fedhii qaban hirmaannaa irratti Kan hundaa’ee ta’uu qaba.

### 3.1.3. Gahee qabeesootaafi itti gaafatamuummaa isaani -

Gumii tiraakomaa Sochiiwwan taasisuun fi haala barbaadamuun raawwachuuf gahee qabeessonni garaa garaa ni hirmaatu. Gahee qabeesoota kana keessaa kanneen armaan gadiitti diddiriirfaman /tarreeffamaan/ isaa karoora gumichaa yeroo karoorsaanfi fi akkasumas gochawwan galii sasabuu yeroo raawwatamutti dirqama hirmaannaa gochuun isaan irraa eegama.

A - <u>Bulchiinsa mana barumsaa</u>: Mana barumsaa keessatti gumiin tiraakomaa yommuu /yeroo/hundeeffamutti Bulchiinsa mana barumsichaa irraa eeyyama fi deeggarsa guutuu argachuun barachisaadha.gara fuula duraatti dhimmoota kam irratti xiyyeeffannoon kan barbaachisu Bulchiinsa mana barumsichaa haala barbaachisaa ta’een ibsuun barbaachisaadha .guddinaa fi bu’aa qabeessummaa gumii tiraakomaaf Bulchiinsa mana barumsichaa eejjennoo sirrii ykn murtoo qabaachuun isaan irraa eeggama . Itti gaafatamaan mana barumsaa barsiisaa gumicha hogganu ykn gaggeessuu danda’u filuu ykn barsiisaa fedhiidhaan eeyyamamaa ta’ee kan dhiyyaatu yooargame kennuuf isaan irraa eeggama .yoo danda’ame Itti gaafatamaan mana barumsaa baajata gumichaaf ramaduu fiyoo danda’ame biiroo kennuun isaan irraa eeggama.

B - Barsiisaa gumicha gaggeessu: gumiin tiraakomaa gaggeessaa barbaada .Hojjettoota mana barumsichaa keessaa gumichaa hogganaa filame deeggarsaa fi hordofiin haala barbaadamuun hojicha akka hojjetu taasisuun baay’ee rakkisaa ykn gonkumaa /tasumaa/ Kan hin danda’amne ta’a .haata’u malee hogganaa gumichaa ramaduun hojii dursa kennuuf qabudha

C - Miseensoota gumichaa: gumii kamiyyuu keessatti miseensoonni gumii gahee qabeessootaafi murteessoodha. Barattoonni kaayyoo gumichaa fi jijjiirama fakkeenyuummaan, fedhiidhaan hojechuun isaan irraa eeggama.Barattoonni gumichaa gochaawwan raawwachuufi kenneen biroof fakeenya ta’uun galma gahinsa gumichaaf itti gaafatamummaa qabu.

D - Oggeessa fayyaa hawaasa keessajiran; Oggeessa fayyaa keessumattuu hojjettoota eksiteeshinii fayyaabarsiisuun, leenjii kennuu fi gochaa dawwaa qooduun gochicha irratti humna fayyaduu fi qabeenyadha .Karoorri gummichaa yeroo murtaa’us ta’e xumura baraairratti galma fi kaayyoo n galma gahuufi galma gahuu dhiisuuu yeroo madaallan hojjettoota eksiteeshinii fayyaa hirmachisuun Kan dagatamuu hin qabnedha.

E - Gurmiilee Mootummaa: Gurmiileen Mootummaa Nama, qarshii, meeshaalee garaagaraa deeggarsa gochuu irratti gahee olaanaa taphata.

F – Hawaasa Bal’aa: Namootni hawaasa keessa jiran fayyadamtoota gochaalee fi ergaa gumii Tiraakomaa manneen barnootati.